

**WAAQEFFANNAA KAKUU
HAARAA**
(Oromoo)

by
J.C.Choate

Published by
World Literature Publications
Winona, Mississippi

© Copyright, World Evangelism Publications

This printing - 5,000 copies - 2023 – **Oromoo**

InDesign Layout: Shane Fisher

Translated by: Belay Kebede Areri

WhatsApp number: 0913611000

Email: ddcoc321@yahoo.co.uk

Websites:

www.worldevangelismlibrary.org

www.gospelgazette.com

www.worldevangelism.org

www.worldevangelismmedia.com

Macaafa Kana Kaffaltii malee kan Argattan.

Waldaa Kristoos Dirree Dawa, Lakkoofsa saanduqa Poostaa 1376,
lakkoofsa bilbilaa 0913611000.

Note: Deebisaa isaa Waraqaa Adii irratti honjedhaa yeroo xumurtan
Macaafaicha Nuuf deebisaa. Eeb bifamaa.

YAADACHIISA BARBAACHISAA:- Macaafni kun Qabeenya Waldaa Kristoosi, Macaafni kun Dhuma Barumsaa irratti Gaaffii fi Deebii qaba.

HADARAA MACAFAA IRRATTI HIN HOJJETINAA:- Deebisaa gaaffii keessanii Waraqaa adii mataa Keessanii irratti guutaatii macaafichaa wajjin Teessoo armaan Olii irratti jechuunis Belay Kebede. Lakkoofsa sanduqa poostaa 1376 Dirree Dawaa, lakk. Bilbilaa 0913611000 email. ddcoc321@yahoo.co.uk irratti erguu dandeessu. Yeroo ergitan Maaa keessan, lakkoofsa bilbila keessanii fi magaalaa keessa jirtan barreessuu hin dagatinaa.

BARUMSA TOKKO (HIIKKAA WALDAA)

Printed by:

World Evangelism Publications
Winona, MS 38967

QABEENTOTA

BARUMSA TOKKO:

HIIKKAA WAAQEFFFANNAA.....4

BARUMSA LAMA:

WAAQEFFFATOOTA.....8

BARUMSA SADI:

GALMA WAAQEFFFANNAA KEENYAA.....12

BARUMSA AFUR:

GOSA WAAQEFFFANNAA.....16

BARUMSA SHAN:

WAAQEFFFANNAA KRISTIYAANOTA DUR DURI.....20

BARUMSA JA`A:

GUYYAA WAAQEFFFANNAA.....24

BARUMSA TORBA:

SAARXAA (MOODEELA) WAAQEFFFANNAA.....27

BARUMSA SADDEET:

QU`ANNA MACAFAA QULQULLUU.....31

BARUMSA SAGAL:

KADHANNA.....36

BARUMSA KUDHA:

FAARFFANNAA.....40

BARUMSA KUDHA TOKKO:

IRBAATA QULQULLUU GOOFTAA.....44

BARUMSA KUDHA LAMA:

KENNAA.....48

BARUMSA KUDHA SADII:

WAAQEFFFANNAA IRRATTI ARGAMUU52

BARUMSA TOKKO **HIKKAA WAAQEFFANNAA**

Jechi waaqeffanna jedhu, Macaafa qulqulluu keessatti, Tajaajiluu-galateeffachuu, kabajuu, ulfina kennuu, ooqubaa galchuu. Hiikkaan kanaa akka hubatamuuf Uumama kan ta`e waan waaqeffamu sanaaf Sagaduu jechuu dha. Mee keessa seennee haa ilaallu.

1. Tajaajiluudhaan Waaqeffanna:- akka haala kanaatti tajaajiluu jechi jedhu, Abboomamuu,tajaajiluu, hojjechuu, waaqeffachuu kkf jechuudha. Caaffanni qulqullaa`aan Ilmi Waaqayyoo tajaajilaa ta`uu isaa agarsiisa. Phaauloos itti deddeebi`ee tajaajilaa ta`uu isaa ibsa. “Ani Phaauloos hojjetaan Yesuus Kristoos ergamaa ta`uudhaaf waamamee, wangeela Waaqayyoos lallabuudhaaf addaan kanan baafame kana caafuu kooti” (Roomaa 1:1), Pheexroosii fi Yaaqoobis akkasuma jedhan (2 Pheexroos 1:1, Yaaqoob 1:1). Yeroo akkas jedha maal jechuu isaaniiti? Jechuun isaanii, isa tajaajilu, waan hundumaa isaanii isaaf kennaniiru jechuudha. Nuyis akkasuma gochuu qabna. Phaaauloos yeroo jajjabeessu akkas jedha “Amma garuu cubbuu jalaa luba baatanii hojjetoota Waaqayyoo taataniittu, kunis qulqullummaadhaaf ija isiniif godhata, gara dhumaattis jirenyä bara baraatti in geessa” jedha (Roomaa 6:22).

Gooftaan tajaajila akkamii akka inni barbaadu ilaaluudhaaf luqqistoota itti aa`anan ilaaluu dandeenya, “Karaa hundumaan of gad deebisuudhaan, imimmaaniin, qormata Yiudoonni anatti malan keessattis gooftaadhaaf hojjechaan ture” (Hojji Ergamootaa 20:19). “Kanaanis wanta gaarii Waaqayyo bira argattan hin arrabsinaa ! Mootummaan Waaqayyoo, mootummaa qajeelummaa nagaa fi gammachuu warra hafuura qulqulluu bira kennamanii ti malee, mootummaa nyaataa fi dhugaatii miti, Namni isaan kanatti qabamee Kristoosiif hojjetu, Waaqayyoon in gammachiisa, namoota birattis in fudhatama, kanaafis kottaa wanta nagaaf ta`u, waan ittiin jirenyä tokkummaa waliif ijaarru duukaa in buuna” (Roomaa 14:16-19). “Waa dhimma baasuudhaaf hin dhibaa`innaa, Hafuura gubaa qabaadhaa ! Gooftichaafis of irraa bu`aa hojjedhaa” (Roomaa 12:11).

Tajaajila keenya ilaalchisee Phaauloos yeroo barreesse, “Ammas yaa obboloota ko, araara Waaqayyoof jedhatii namummaan keessan qulqlaa`aadhaa fi Waaqayyo duratti fudhatamaa akka ta`utti, aarsaa jiraatu gootanii akka isa dhi`eessitan isin nan gorsa, akkasittis hafuuraan Waaqayyoof in sagaddu” (Roomaa 12:1), “Akka issa nama gammachiisuuf ija ilaallattanii hojjettanii utuu hin ta`in, akka hojjetoota Kristoositti garaa guutuudhaan

jaalala Waaqayyoo raawwadhaa, akka waan namaaf hojjettaniitti utuu hin ta`in, akka waan goofaadhaaf hojjettaniitti gammachuudhaan hojjedhaa” (Efeesoon 6:6-7), Gooftaan Waldaa Tiyaatiraatiin akkas jedhe “Ani hojii kee, jaalala kee, amantii kee, warra kaan gargaaruudhaaf of kennuu kee, obsaan danda`uu kee, hojiin kee inni booddee kanaa immoo isa duraa irra caaluu isaa nan beeka” jedheen (Mullata Yohaannis 2:19).

Yeroo baayyee waa`ee tajaajila Waaqeffannaa dubbanna. Gooftaa akka tajaailu dubbanna, kun sirrii dha, garuu jirenya guutuudhaan isaaf of kennuu yoo baanne, sanbata guddaa duwwaa waaqeffanee akkamitti tajaajille jenna?

2. Galateeffaannaadhaan gooftaa waaqeffanna.

Akka caaffanni jedhutti, yeroo Phaauloosii fi Sillaas mana hidhaa turan, “Gara halkan walakkaatti Phaauloosii fi Siilaas Waaqayyoon kadhatanii faarfatan, warri hidhaman immoo isaan in dhaggeeffatu turan” (Hojii Ergamootaa 16:25), akkamittiin akka gooftaan nu eebbise, hojii keenyaanis, Phaauloos akkas jedha, “Nuyi Warri duraan dursinee Kristoosiin Abdii godhanne, Ulfina isaatiif galata akka laannuuf nu fo`ate” (Efeesoon 1:12), ammas daballee kan dubbifnu, “Egaa kottaa karaa isaa utuu gargar hin kuti, aarsaa galataa Waaqayyoof in Dhiheessinaa, Aarsichis maqaa isaa beeksisuudhaaf wanta afaan keenya keessaa ba`uudha” (Ibroota 13:15), Pheexroosis Akkas jedha, “Warqee inni baduuf jiru iyyuu ibiddaan qorama amanitin keessan inni warqee caalaa gati-jabeessi immoo, guyyaa Yesuus Kristoos itti mul`achuuuf jiru sanatti, jajamee guddinaa fi ulfina akka argatutti qoramee in ilaalam” (1 Pheexroos 1:7). “Inni dubbatu, isa Waaqayyo jedhe haa dubbatu, inn waa hojjetus, human Waaqayyo isaaf肯neen haa hojjetu, Waaqayyo waan hundumaan karaa Kristoos Yesuus ulfina haa argatu ! isaaf ulfinnii fi aangoon baraa hamma bara baraatti haa ta`u ! Ameen” (1 Pheexroos 4:11).

Guyyaa guyyaan Oolmaa keenya keessatti Waaqayyoon waan goonu, waan hojjennu, waan dubbannu hunda irratti Waaqayyoon galateeffachuu qabna. Addumaan immoo guyyaa walitti qabamnee guyyaa gooftaa isa Waaqeffachuuuf argamnu galateeffachuu qabna, kanas akeeka adda ta`een goona, kunis achitti argamuu danda`uu keenyaaf, isa barbaacha achitti argamuu danda`uu keenyaaf, achitti argamnee waan goonu hundaaf, galateeffachuu qabna. Lapheen keenya isaaf gadi akka jettu, kanas Qu`annaa dubbii isaatii f,kadhata sanaaf,faarfachuu keenyaaf, irbaata qulqulluu (yaadannoo du`aa fi du`aa ka`uu isaaf), waan argannu irraa kennaa kennuu keenyaaf, isa galateeffanna. Kana hunda utuu hin godhin akkamiin galateeffachuu dan-deenya ree?

3. Ulfina kennuudhaan Gooftaa Waaqeffanna.

Kristoos akkas jedhe :- “Hundinuu abbaadhaaf akkuma ulfina Kennanitti ilmaaf ulfina kan hin Kennine, Abbaa isa Ilma ergeefis Ulfina hin kennu” (Yohaannis 5:23). Phaauloosis akkas Jedha “Mootii bara bara baraa isa hin dune, isa ijaan hin argamne, Waaqayyo tokkicha sanaaf baruma baraan ulfinnii fi guddinni haa ta`u ! Ameen “ (1 Xiimootewos 1:17).

Gooftaa dha kan nu fayyise, kan nu Eebbise, kan Abdii jirenya gaarii nuuf kenne, kanaafuu Ulfina kana fudhachuu kan qabu gooftaa dha.

4. Gooftaa jajachuudhaan Waaqeffanna.

Jajachuun jechuu o lol qabuu, kabajuu, Ooqubaa galchuu dha. Kun egaa waa`ee Waaqeffannaatiif ergaa qabatamaa kan ta`e hiikkaa Waaqeffannaati. Haa ta`uti Caaffata keessaa yaada kana kan nuuf cimsu ilaalla. “Yaada tokkos qabaattanii, sagalee tokkichaan Waaqayyoon abbaa gooftaa keenyaa Yesuus Kristoos akka galateeffattaniif isin haa gargaaru” (Roomaa 15:6),, “Waaqayyo gatiidhaan isin bitate, kanaaf guutummaa dhagna keessaniin waan inni ittiin galateeffamu hojjedhaa” (1 Qoroontoos 6:20). “Kristiyaana ta`uu isaatiif yoo dhiphate garuu hin yeella`in ! maqaa Kristoosiin Waamamee isa hojjete Sanaan Waaqayyoof ulfina haa kennu” (1 Pheexroos 4:16).

Jirenya keenya guutuu Fedhiin keenya Waaqayyo irratti kan Xiyyef-fate ta`uu qaba. Isa o lo Qabuu,guddummaa isaa himuu,maqaa isaa jaja-chuu, malee ulfina isaa ofii fudhachuun hin ta`u, Yeroo isaa wajjin madaallu nuti waan tokko illee miti, waan tokko keessa illee hin jirru, akeekni guyyaa Waaqeffanna walitti qabamuu keenyaa qalbii keenya guutummaatti isa irra keenyee Waaqeffachuudha.

5. Kabajaa agarsiisaa gooftaa Waaqeffanna.

Waaqayyo Uumaa keenya Kristoos fayyisaa keenya, isaaniin kabajuu qabna, isaaniin dhaga`uu qabna. Isaaniif abboomamuu qabna.fuula isaanii duratti gadi jechuu qabna.kabajaa kennuufii qabna. Faarfataan akkas jedha, “Inni furii saba isaatiif erge, kakuun isaa bara baraan akka eegamu ab-boomeera, maqaan isaa immoo qulqullu dha, sodaachisaadhas” (Faarfanna 111:9). Barreessaan Macaafa Ibrootaas akkas jedha “egaa nuyi mootummaa raafamuu hin dandeenye waan qabnuuf, kottaa warra galata galchan in tanaa ! kanaanis kottaa akka isa duratti fudhatamutti ulfinnaa fi sodaadhaan Waaqayyoof in sagadnaa” (Ibroota 12:28).

Yoo gooftaa jaallanne, abboomamuudhaan fuula isaa duratti gadi of deebifne, garaa galataatiin yoo isatti dhufne, duwwaadha kan nuyi dhugu-maan laphee keenyaa fi lubbuu keenya isaaf dabarsinee kenninuu fi sagadn-uuf, galateeffannu. Yeroo kana kan jecha Phaauloos dinqisiifannu, “Dubbi-

idhaan yookiin gochaadhaan waanumti isin hojettan hundumtinuu maqaa gooftaa Yesuusiin haa ta`u, isumaanis Waaqayyo abbaadhaaf galata galchaa” (Qolosaayis 3:17).

Namni baayyeen gara Waaqeffannaa kan dhaqaniif amalumaaf yookan immoo nama ilaalanii dhaqau. Baayyeenis seeruma waaqeffannaa guutuuf dhaqu, warri akkasii kun maalummaa Waaqeffannaa waan hin beekneef achitti argamuu duwwaadhaan homa iyyuu hin argatan

Fuulduraaf garuu yeroo Waaqeffannu, gara jabinaan jaalalaan, laphee qulqulluudhaan, galata kennuudhaan, fuula gooftaa duratti ulfina isaatiif, kabaja isaatiif, Olaantummaa isaatiif ba`uun haala keenya yeroo hundumaa ta`uu qaba.yoo maalummaa Waaqeffannaa baranne, isa Waaqeffachuun beekneerra jechuu dha. Kuni immoo nuuf waan bu`aa qabu isaafis waaqef-famuu ta`a jechuudha.

GAAFFILEE

1. Mata duree barmsa kanaa barreessi.
2. Jecha waaqeffannaa jedhu ibsi.
3. Waaqeffannaan akka waa`ee baasuuf akkamitti dhihaachuu qaba?
4. Jechi tajaajiluu jedhu maal jechuudha?
5. Ilmoon Waaqayyoo akkamiin tajaajila?
6. Phaituloos, Pheexroos, Yaaqoob fa tajaajiltoota turanii?
7. Gooftaan tajaajila akkamii barbaada?
8. Mee tajaajila kana ilaachisee luqqistoota kenni
9. Maaliif yeroo baayyee Waa`ee Waaqeffannaa dubbannu tajaajila kaafna?
10. Utuu isaaf hin abboomamin waaqessuu dandeenyaa?
11. Mee caaffata keessaa isa gooftaa galateeffachuu jedhu irratti haasa`i
12. Akkamitti gooftaa galateeffanna?
13. Utuu ilmaaf ulfina hin kennin Abbaaf ulfina kennuun in dandaa`amaa?
14. Gooftaan maaliif kabajama?
15. Jecha ulfina kennuu jedhu ibsi
16. Jirenya keenya keessatti maaltu ta`uu qaba?
17. Mee kaayyoo guyyaa gooftaa waaqeffannaaf walitti qabamnu himi.
18. Uumaan keenya eenyu? Fayyisaan keenya hoo eenyu?
19. Akkamiin isaanitti dhihaachuu qabna?
20. Maqaa eenyuutu sodaatamuu ulfaachuu qaba?
21. Qolosaayis 3:17, barreessi
22. Namoonni baayyeen akkamiin Waaqeffatu?
23. Akkaataa kamiin waaqeffannaaf dhihaachuu qabna?

BARUMSA LAMA

WAAQEFFECTAA (namicha waaqeffatu)

Uuumama Waaqayyoo keessaa kan Waaqeffatu ilma namaati. Waaqayyo ilma namaa dhagna duwwaa wajjin hin uumne, garuu lubbuu fi sammuu yaaduu danda`uu wajjin uume, waa yaaduu Kanaan ilmi namaa murtii irra ga`uu ykn murteessuu danda`a, kanaaf ilmi namaa uumaa isaa kanaaf sagaduu ykn sagaduu dhiisuu murteessuu danda`a. yeroo namni Waaqayyoof sagaduu filatu, dhuguma waan galateeefamuu fi ulfina argatuu dha.

Ilmi namaa uumamaan waaqeffataa dha. Waan tokko ykn nama tokko waaqeffata, ilmi namaa kana godhaa ture ammas kanuma godhaa jira. Duris ta`e amma ilmi namaa waan hin yaadamne hundaaf iyyuu akka inni sagau beekkamaa dha. Kunis Ji`aaf, urjiidhaaf, bishaan lagaatiif, dhagaadhaaf, waan mukaa fi sibiila irraa hojjetamaniif, fakkeenyotaaf hunda sagada. Garuu Ilmi namaa erga Waaqeffachuu barbaachisee gara Uumaa isaatiitti akka deebi`ee Uumaa isaa Waaqeffatu jajjabeeffamuu, baruus qaba. Waaqayyos akka isaaf sagadan barbaada.

Yesuus akkas jedhee dubbate, “Waaqayyo hafuura, warri isaaf sagadan is hafuuraa fi dhugaadhaan isaaf sagaduun in ta`aaf, ittiin jedhe” (Yohaannis 4:24). Kanaaf iyyuu waaqeffachuu duwwaan Waaqeffataadhaaf gahaa miti garuu akka Waaqeffannaan isaa kallattiidhaan iddo sirrii akka dhaquuf dhugaa fi hafuuraan Waaqeffachuu qaba. Mee waan kun jedhuu fi barbaachisummaa isaa haa ilaallu.

Hundumtuu waaqa jiraataa fi dhugaa kan ta`e beekuu qaba.

Hundumtii uumamaa gara uumaa ilala, kun egaa dhugaa jalaa miliqun hin taanee dha. Kan dandeettiin yaaduu kennameef ilmi namaa hundinuu dhugaa kana yeroo hubatanii fudhatan, dhuma irratti gara akka dhufaniif dirqisiifamu, dhugumatti Waaqni jiraataa fi Uumaan dhugaan Waaqa kana ta`uun isaa beekkamaa dha.(Seera Uumamaa 1:1).

Yoo dhuguma Waaqayyo Uumaa waan hundumaa ta`ee fi Namoonni isaaf abboomamuu qabu yoo ta`e, dhugumaan Waaqni kun waan ilmi namaa godhoo qabu itti mullisa. Kana immoo gooftaan godheera. Waan kana Waaqayyo godhee waan ilmi nama godhoo qabu, Macaafa qulqulluu keessatti mull`iseera. Kan nutti himame waa`ee Kristoos kan Caafame akka itti amanuu qabnuu dha. (Yohaannis 20:30-31), Caaffanni qulqulluun hundumtuu geggeessaa hafuura qulqullutiin Caafaman. (2 Xiimootewos 3:16,17).

3. Erga Waaqayyo dubbate, erga wanti inni dubbate immoo Caafa-

meera ta`ee, Caaffanni kunis Macaafa qulqulluu keessa jiraate, Ilmi namaa gara isaa dhufee, baratee, abboomamuun in dandaa`ama. Kristoos Ergamoota isaa gara biyya lafaa dhaqanii Uumama hundumaaf Wangeela akka lallaban abboomeera. (Maarqoos 16:15-16), kana duwwaa miti warri waan qajeelaa akka midhaaniitti beela`an, akka bishaaniitti dheebotan, haa gammadan jedheera (Maatewoos 5:6). Kana malees warri fedhii qabaatanii isa amananii simatan aboo ilmummaa akka argatan nutti himameera. (Yohaannis 1:12).

4. Namni tokko erga dubbii Waaqayyoo caaffata qulqullaa`aa dubbisee qu`ate, mantiin keessa isaatti in argama (Roomaa 10:17), Dubbii Waaqayyoo beekuu fi amanuu irraan kan ka`e, inni inni beeke kun gara abboomamuutti gara fayyinaatti isa geessa. (Hojii Ergamootaa 2:38, Hojii Ergamootaa 17:30, Ibroota 11:6).

5. Abboomamuudhaan fayyina ardata, fayyinaan Waldaa Gooftaatti dabalam, Kristiyaana ta`a. (Hojii Ergamootaa 2:47, Hojii Ergamootaa 11:26).

6. Akka miseensa Waldaatti, akka Kristiyaanaatti namni tokko Waaqayyoon Waaqeffachuudhaaf of Qopheessa, kanas Waaqeffannaakka gooftaan barsiisetti, Utuu hin abboomaminiin dura Namni kun Waaqa beekus Waaqeffatus akka Caaffata qulqulluu waan hin taaneef fudhatama hinqabu. Jecha akkas jedhu dubbifna, “Waaqayyo warra Cubbamootaa akka hin dha-geenye in beekna, nama isa Sodaatuuf jaalala isaas isa raawwatuuf garuu in dhaga`a” (Yohaannis 9:31). Hubadhu namni tokko waa`ee Waaqayyoo dhaga`uuf abdii godhachuu isaa dura waan lamatu jira, inni tokko namni kun Waaqeffataa ta`uu isaa, lammata, dhugumatti dubbii waaqayyoo god-huu isaati kunis Waaqayyoo wajjin walqunnamtii sirrii ykn Ilmaa fi abbaa wjjin walitti dhufeenza yookiin Kristiyaana fi miseensa Waldaa gooftaa akka isa godhu ta`a jechuu dha.

7. Akka miseensa Waldaa fi akka Kristiyaanaatti, Barbaachisummaan waaqeffannaakka gooftaa hafuuraa fi dhugaadhaan yoo ta`e gooftaa biratti fudhatama qaba., kana jechuun Waaqeffannaan kun sammuu sirriidhaan, karaa sirrii jechuudha. Kunis waaqeffannaalaphee irraa maddee garraamummaa, qulqullummaa fi kabajaan ta`uu qaba. Qulqullummaan laphee namni tokko waan godhu irratti akka Xiyyeefatu Isa gaafata., Waaqeffataan tokko qabba-naa`uudhaan, yknis Waan waaqeffatuuf utuu hin hubatin gara waaqeffannaadhaquu hin danda`u, kana godhuun qaanii dha. Kanaaf iyyuu dhuma isaa Waaqeffannaan dhugaa hunda irratti kan hundaa`e ta`uu qaba. kana jechuun Barumsa Dubbii Waaqayyoo caaffata qulqulluu wajjin kan walii gale

ta`uu qaba. egaa gaaffiin as irratti ka`u, Gooftaan Waa`ee kana maal barsiise? Isa jedhuu dha. Qu`annaa keenya yeroo itti fufnu waaqeffannaan, Macaa-fa Qulqulluu barachuu qu`achuu, kadhata kadhachuu, Faarfachuu, irbaata qulqulluu (yaadannoo gooftaa) fudhachuu,kennaadhaan waaqeffachuu dha, kanas guyyaa gooftaan murteesse waaqeffatamuu qaba. amma egaa Waaqeffannaan nama tokkoo akka dhugaa caafamee yoo ta`uudhaabaate jijjiirama hin fidu. Itti aansee waa`ee akkaataa Waaqeffanna ilaalchisee namni tokko barumsa gooftaa baratu iyyuu waaqeffannaan isaa hafuuraa fi huban-noodhaan miti yoo ta`e gatii hin qabu. Waaqayyo Caaffata qulqullaa`aa keessatti akkamitti akka Waaqeffatamu barsiiseera waan ta`eef, inni caafame sun raawwachuu qaba, akka Caafametti ta`uu qaba.

8. Waaqeffataan iddo waaqeffanna sirrii (Waldaa gooftaa), keessatti Waaqeffachuu qaba. akka Waaqeffannaan isa fudhatama argatuuf namoota sirrii wajjin akka gooftaan fedhutti waaqeffachuu qaba.

Gamtaan amantootaa baayyee barbaachisaa dha. Kristiyaanni dhugaan maqaa Waldaatiin warra ijaarame dhaabbota amantaa addaa addaa wajjin Waaqeffachuu hin danda`u, ykn hin maluuf, sababni isaa Waaqeffannaan isaanii guutuu guutuutti isa Caaffanni qulqullaa`aan jedhu irraa adda waan ta`eef, Kristiyaanni dhugaan ykn miseensi Waldaa gooftaa guyyaa waaqeffanna dubbiin waaqayyo barsiisuu ala guyyaa sanbata duraa Waaqeffachuu hin danda`u ykn hin maluuf, warra amantii ykn akka abboommii namaatti waaqeffatanii , jechuunis akka meeshaa muuziqatiin, warra maqaa waldaa hundumaaf kadhatanii wajjin,, warra irbaata gooftaa ykn yaadannoo du`aa ka`uu isaa turban torbaan irraa hin fudhannee wajjin, Warra kurnoo baasanii wajjin waaqeffachuu hin danda`u, ykn hin maluuf, Phaauloos akkas jedha ““Hojii duukkanaa isa wanti dhimma baasu keessaa hin bane, bakkeetti baas-aa malee itti hin hirmaatinaa” jedha (Efeesoon 5:11)., Yohaannis waa`ee Barsiisota sobaa akkas jedha “Namni nagaa isa gaafatu hojii isaa isa hamaatti hirmaachuu isaati” (2 Yohaannis 11).

9. Waaqeffataan mataan isaa:-, waaqeffataan mudaa qabaatus akka barbaade jiraachuun isaaf hin Ayyamamu. Gooftaa Waaqeffachuun yoo irra jiraate amala isaa isa gadhee fi hojii isaa hamaa irraa hafuu qaba. (Yaaqoob 5:17), laphee qulqulluudhaan garaa dhiifamaa gara araaraatiin, hafuura cabaadhaan fuula gooftaatti dhihaachuu qaba.

Ati Waaqeffataa akkamitti? Yoomi kan ati Waaqeffattu? Akkamitti Waaqeffatta? Maaliif Waaqeffatta? Eenyuun Waaqeffatta? Waaqeffatoota baayyeetu jiru, garuu kan dhugaan waaqeffatan xinnoo dha. Baayyeen garuu karaa sirrii hin taaneen Waaqeffatu, waaqa sirrii hin taane waaqeffatu. Ati

karaa dhugaa waaqeffannaa dhugaa gooftaan barbaadu sanaan, isa Caafame sanaan Waaqeffachuu ke sirriitti adda baafadhu.

GAAFFILEE

1. Uumama hunda keessaa kan Uumaa isaa Waaqeffachuu qabu eenyuu dha?
2. Waaqayyo akkamitti ilma namaa Uume?
3. Ilmi namaa maal murteessuu danda`a?
4. Yoomi kan Waaqayyo sirriitti Kabajamu?
5. Ilmi namaa uumamaan maali?
6. Mee waan ilmi namaa jirenya isaa duraa keessatti Waaqeffatu barreessi
7. Waaqayyo eenyu akka isa Waaqeffatu barbaada?
8. Yohaannis 4:23, 24, dubbisiiti ibsi.
9. Eenyutu gara Waaqayyoo dhaquu qaba?
10. Seera Uumamaa 1:1, barreessi
11. Waaqayyo ilmaan namaatti fedhii isaa Mulli`iseeraa?
12. Kana akkamitti godhe?
13. Yohaannis 20:30,31 fi 2 Xiimootewos 3:16,17 dubbisi.
14. Waaqayyo akka ilmi namaa fedhii isaa beeku maaliif barbaade?
15. Ilma namaatiif fedhii Waaqayyoo beekuun in dandaa`amaa?
16. Gooftaan ijoollee Waaqayyoo akka ta`aniif Eenyuuf aboo kenne?
17. Amanitin keessa nama tokkootti akkamitti Uumama?
18. Karaa eenyutiin namni fayyuu dandaa`a?
19. Gooftaa Waaqeffachuudhaaf Eenyutu of qopheessuu qaba?
20. Waaqayyo Kadhata Cubbamootaa in dhagaa`aa? Maali?
21. Walitti dhufeenyi Waaqayyoo wajjinii maali?
22. Dhugaa fi Hafuuraan Waaqeffachuu jechuun maal jechuudha?
23. Eessatti tokkoo tokkoon namaa kan Waaqeffachuu qaban?
24. Gamtaan amantootaa maaliif barbaachisaa ta`e?
25. Mee waan Kristiyaanni dhugaan godhuu hin qabne tuxxuqi
26. Waaqeffataan tokko akkamitti Waaqayyotti dhihaachuu qaba?
27. Waaqeffatoonni dhugaa baayyeetu jiruu?

BARUMSA SADII GALMA WAAQEFFACHUU KEENYAA

Uumama irraa jalqabee ilmi namaa waan aduu gad jiran hundumaa waaqeffachaa turan, aduu mataa isaas kan waaqeffatan jiru, guutuu biyya lafaa irra waaqolii miliyoonaan lakkaa`amantu jiru, waaqeffatoonni kun waaqolii isaaniitiif mana waaqeffannaal illee in ijaaruuf, garuu Baayyeen amanttoota isaanii gammachuu Aa`ara galfii hin qaban. Maaliifi ? maaliif kun ta`e?

Dogoggorii jiru baayyeen namootaa kun Waaqa jiraataa isa Waaqef-famuu qabu sana ganaa itti hin amanne, Kristoos yeroo kana ibsu, “Waaqayyo Hafuura, warri isaaf sagadanis hafuuraa fi dhugaadhaan isaaf sagaduun in ta`aaf” jedhe (Yohaannis 4:24). Kana yommuu kana beekee waaqeffannaal isa gara Waaqa jiraataatti deebisu, yeroo dhheraadhaaf barbaadaa kan ture nagaa lubbuu fi aa`aara galfii argachuu danda`a.

Mee barumsa gabaabaa kana keessatti Waaqayyo eenyuun akka ta`ee fi Maaliifis akka isa Waaqeffannu ilaalla.

1. Waaqayyo Uumaa waan hundumaati.

“Waaqayyo jalqabatti bantiiwwan waaqaa fi lafa uume”, macaafni qu-lquun akkas jedha ? jedhanii falmuun in dandaa`ama, garuu mirkanees-suudhaaf mee calluma jedhiitii naannoo ke ilaali, waan uumame kana ilaali. Dachee ykn lafaa fi wanti lafa keessa jiran hundi jiraachuu Waaqayyootiif raga dha. Wanti tokko waan irraa dhufe qaba, waan isa uume qaba. Daaw-wit akkas jedha “Bantiiwwan Waaqaa ulfina Waaqayyoo himaa jiru, wanti bantii waaqaa jalaan mul`atus hojii harka isaa in labsa” (Faarfannaa 19:1). Kana eenyutu mormuu danda`a? eenyutu kana fudhachuu dida?

Waaqayyo dhiiraa fi dubartii akka bifa isaatti akka fakkeenya isaatti Uume. “kana booddee Waaqayyo `kottaa ! akka bifa keenyaatti akka fakkeen-ya keenyaattis nama in uumnaa isaan Qurxummii galaanaa irratti simbiraa fi allaattii qilleensa keessa balali`an irratti, horii qe`ee irratti, bineensa lafaa hundumaa irratti, munyuuqaa lafa irra munyuuqu hundumaa irratti mootumaa haa qabaatan jedhe, Egaa Waaqayyo akka bifa isaatti nama uume, akka bifa Waaqayyotti isa Uume dhiiraa fi dubartii isaan uume” (Seera Uumamaa 1:26-27) , “Waaqayyo gooftaan biyyoo lafaattii nama tolchee, ha-fuura jirenyaa itti godhu funyaan isaatti in baafate, akkasitti namni uumama lubbuu qabaatee jiraatu ta`e” (Seera Uumamaa 2:7).

2. Waaqayyo ilma isaa Yesuusiin ilmaan namaa cubbuu ir-raa fayyisuuf erge.

Kaayyoo dhufaaftii gooftaa ilaalchisee, “Waaqayyo Akkasitti tokkicha ilma isaa hamma kennuufitti biyya lafaa Jaallate, kun immoo isatti kan amanu hundinuu jirenya bara baraa haa qabaatuuf malee, haa baduuf miti” (Yohaannis 3:16, Waaqayyo biyya lafaatti farachiisuuuf miti, biyyi lafaa isaan haa fayyuuf ilma isaa biyyatti erge malee” (Yohaannis 3:16-17), Phaaulosis, akkas jedhee caafe “ Waaqayyo garuu, utuma nuyi cubbamoota taanee jirruu, Kristoos nuuf du`uu isaatiin hammam akka nu jaallate in argisiisa” (Roomaa 5:8)., dabalees akkas jedhe, “Kun gaarii dha, fuula Waaqayyoo fayyisaa keenyaa durattis fudhatamaa dha, Waaqayyo namni hundinuu akka fayyu, dhugaa beekuu biras akka ga`u in fedha” (1 Xiimootewos 2:3,4), Waa`ee fayyina keenyyas “Isin Ayyaana Waaqayyootiin karaa Amantii fayyifamtan, inni immoo kennaa Waaqayyooti malee, gocha ofii keessaniis miti, hojiidhaanis miti namni tokko illee akka ittiin of hin janyetti” (Efeesoon 2:8-9).

3. Waaqayyo eeba hundumaan nu Eebbise, qaamaa fi ha-fuuraan nu Eebbise.

Yaaqoob akkas jedha “Kennaan gaariin hundinuu kennaan guutuun hundinuus abbaa ifaa bira ol Waaqa gubbaadhaas in dhufa, abbaa ifaa bira geggeeddaramuun yookiis gaaddisi garagaluun iyyuu hin jiru” (Yaaqoob 1:17). Phaaulosis “Waaqayyoon Abbaa gooftaa keenyaa isa Karaa Kristoos eeba hafuuraa hundumaan, Waan Waaqa irraatiiniis nu ebbiseef galanin haa ta`u” jedhe (Efeesoon 1:3).

4. Waaqa dhugaa fi Jiraataa dha.

Phaauloos yeroo tokkummaa Waaqayyoo dubbatu, akkas jedha, “Waaqayyoo fi Abbaan waan hundumaa tokkicha, inni waan hundumaa irra jira, waan hundumaan in hojjeta, iddo hundumaa jiras” jedha (Efeesoon 4:6). Itti dabalees “Waaqayyo tokkicha inni gidduu dhaabatee Waaqayyoo fi nama Walitti fidus tokkicha inni immoo Kristoos Yesuus isa nama ta`ee mul`ate dha” (1 Xiimootewos 2:5).

5. Waaqayyo Hafuura.

Kana Kanaan duras dubbifneerra, akkas jedha (Yohaannis 4:24), Waaqayyo hafuura ta`uu isaa luqqisni kun nutti hima, karaa biraatiin Waaqayyo foonii fi dhiiga miti. Inni qaamaan hin argamu, inni waan qodaa ykn meeshaa miti, kanaafuu inni hafuura ta`uu isaa erga barannee isa sadarkaa namaatiin utuu hin ta`in waaqa irra akka jiru sirriitti nuuf galuu danda`a.

6. Waaqayyo Jaalala.

Yohaannis yeroo labse akkas jedhe “Waaqayyo jaalala waan ta`eef, namni hin Jaallatin, Waaqayyoon hin beekne, Waaqayyo akka nuyi isaan ji-

reenya argannuuf, tokkicha ilma isaa gara biyya lafaatti erge, Kanaan jaalalli Waaqayyoo nu gidduutti in mul`iate, Nuyi Waaqayyoon hin jaallanne inni garuu nu jaallate, ilma isaas cubbuu keenyaaf furee haa ta`uuf nuuf erge, jaalala jechuun isa kana michoota ko Waaqayyo erga nu jaallate nuutis immoo wal jaallachuun in ta`a.” (1 Yohaannis 4:8-11).

7.Waaqayyo Waaqa jiraataa dha.

Pheexroos yeroo dhugaa ba`u, Kristoos ilma Waaqayyoo isa Jiraataa ta`uu hime. (Maatewoos 16:16), Phaaulosis waa`ee Waldaa yeroo dubbatu, “Waldaa Waaqayyo jiraataati” jedhe (1 Xiimmotewoos 3:15)., ammas deebisee akkas jedhe. “Nuyi attamitti akka isin gidduutti simatamne isinis Waaqayyo isa jiraataa fi isa dhugaadhaaf hojjechuuf attamitti Waaqayyolii tolfaman irraa gara Waaqayyootti akka deebitan isaan ofuma isaaniitii iyyuu in himu” (1 Tasaloniiqee 1:9). Namoonni Waaqayyo du`e jedhanii dubbatan jiru, garuu isaan sun warra hafuuraan du`eedha ofiif iyyuu Kristoos kan barsiise Inni “Ani Waaqayyo isa kan Abrahaam, Waaqayyo isa kan Yisihaaq isa Kan Yaaqoob, jedheera, inni Waaqayyo warra du`anii miti, Waaqayyo warra jiraatanii ti malee” isaaniin jedhe (Maatewos 22:32).

8.Waaqayyoof wanti hundumtuu in dandaa`ama.

Yeroo Yesuus Eenyu akka fayyuu danda`u dubbate, akkas jedhe, “Yesuus immoo gara isaanii ilaalee, “kun namootaaf hin dandaa`amu, Waaqayyoof garuu Wanti hundinuu in dandaa`ama” isaaniin jedhe (Maatewoos 19:26).
9.Waaqayyo duwwatu gaarii dha:-

“Yesuus immoo “Maaliif gaarii naan jetta? Waaqayyo isa tokkicha duwwaa malee namni gaarii tokko illee hin jiru” (Maarqoos 10:18).

10.Waaqayyoon eenu illee ijaan hin argine.

Yohaannis akkas jedha, “Homtinuu takkaa Waaqayyoon hin argine, Ilma tokkicha isa Abbaa bukee ture sanatu waa`ee isaa hiikee beeksise malee” (Yohaannis 1:18).

Akka Waaqayyo nama Wal hin Caalchifne, argina, (Hojii Ergamootaa 10:34,35), akkasuma waan durii durii kaasee ta`ee fi ta`u beeka, (Hojii Ergamootaa 15:18), Inni waan dhossaa namootni hojjetan yaadan hunda karaa Yesuus Kristoosiin faraduuf jira.(Roomaa 2:16), inni Waaqayyo ilma isaa keessaan jirenya bara baraa kenna (1 Yohaannis 5:11). Kanaafi kan kana fakkaataniidha.

Waaqayyo nuyi amma dubbannu kun, isa Waan hundumaa beeku, isa waan hundumaa argu, isa waan hundumaa dhaga`u, isa iddo hundumaatti yeroo tokkotti argamu, isa human qabeessa, isa jalqabaa fi dhuma hin qabneedha. Waaqa kanaa wajjin kan waldorgomu hin jiru, inni Uumaa waan

hundumaati, inni Waaqa Waaqeffamuu qabuudha, galateeffamuu qabuu dha, ulfina fudhachuu qabuudha, jajamuu qabuudha, kunis kan ta`uuf ammas bara baraanis, kan isaa duwwaa dha.

Waaqayyo namni hundi akka isa Waaqeffatan in barbaada, garuu eenyuun iyyuu hin dirqisiisu, warri isa Waaqeffachuu isaaf sagaduu filata immoo warra eeb bifamoo dha.

Inni sagada yookaan Waaqeffanna hundumaa hin fudhatu ykn hin simatu. Yoo isaaf sagaduu isa Waaqeffachuu barbaanne, akkaataa inni kaa`een malee akkaataa nuti waaqeffachuu feeneen miti. Inni akkamitti akka isaaf sagaduu isa Waaqeffachuu qabnu mul`iseera, kanas dubbii isaa Caaffata qul-qullaa`aa keessatti argina waan ta`eef isa jala deemuu qabna, bifa Waaqeffanna barumsa itti aa`anutti ilaalla.

GAAFFILEE

1. Ilmi namaa duraan maaliif sagadaa turan?
2. Dogoggora dhaaba Amantaa baayyee keessa jiru ibsi.
3. Yohaannis 4:24, luqqisii barreessi
4. Eenyuun ta`uu qaba Galmi waaqeffanna ilmaan namaa?
5. Seera Uumamaa 1:1, luqqisii barreessi.
6. Jiraataa ta`uu Waaqayyo ragaalee murtaa`an kenni.
7. Ulfina Waaqayyoo kan labsi maali?
8. Waaqayyo dhiiraa fi dubartii akkamitti Uume?
9. Waaqayyo maaliif biyya lafaatti ilma isaa erge?
10. Yohaannis 3:16,17, luqqisii barreessi
11. Eenyutu nuuf du`e?
12. Akkamitti fayyine?
13. Eebbi keenya hundinuu eessaa dhufan?
14. Efeesoon 1:3, dubbisi
15. Waa`ee tokkummaa Waaqayyoo Phaauloos maal jedhe?
16. Ati Waaqayyoon akkamitti ibsita?
17. “Waaqayyo jaalala” isa jedhu ibsi.
18. Waaqayyo harra`a jiraa? Karaa kamiin?
19. Wanti hundumtuu Waaqayyoof in dandaa`amaa ?
20. Eenyutu Gaarii dha?
21. Namni Waaqayyoon arge jiraa?
22. Waaqayyo nama walcaalchisaa?
23. Eenyutu biyya lafaa irratti farada?
24. Mee haala Waaqayyo amma tokko ibsi.
25. Waaqayyo Waaqeffanna akkamii barbaada?

BARUMSA AFUR BIFOOTA WAAQEFFANNAA

Gara Caaffata kakuu haaraa yeroo dhaqnu, Waaqeffannaa bifa sadii tu tuttuqamee jira, barumsa kana keessatti tokkoo tokkoo isaanii ilaalla. Kana kan goonu caaffata qulqulluu keessa Waaqeffannaa bifa tokkoo ol ta`u jiraachuu isaanii yaadachiisuuifi. Nuyis gooftaan Waaqeffannaa akkamii akka godhuu qabnu barbaada isa jedhu beekuudhaaf Waaqeffannoota kana sakattaanee Namoonni baayyeen naannoo keenyaa Waaqeffachuu danda`uun isaanii duwwaan Waaqeffannaan isaanii Waaqa biratti fudhatama argateera akka hin jenneef nu gargaara.

1. Caaffanni kan himu Waaqeffannaa Wallaalummaa.

“Phaauloos mandara Ateenaa taa`ee Siilaasi fi Ximotewosiin eegaa yeroo turetti, fakkeenyi waaqayyoolii tolismanii mandar asana keessa guutuu isaanii waan argeef, lubbuun isaa baayy`ee dhiphatte. Mana sagadaa keessatti Yihudootaa fi Griikota warra amantii Yihudootaa fudhatanii wajjin lafa gabaatti immoo guyyaa hundumaa namuma achitti argamee wajjin dudubbachaa ture. Garee warra Ephequriyos akkasumas Istoyikos jedhaman keessaa, barsiisonni ogummaa biyya lafaa qoran tokko isatti falman. Kaan, “funaantuun kun immoo maal jechuu kajeelaa?” jennaan, kaan immoo waan inni wangeela waa`ee Yesuusii fi, waa`ee du`aa ka`uu lallabeef, “Innoo waa`ee waaqayyoolii ormaa labsa fakkaata” jedhan. Isa qabaniis yaa`ii gaara Aariyophaagos irratti wal ga`u duratti geessanii, “Barsiifni haaraan ati fidde kun, maal akka ta`baruu dandeenyaa? Dubbiin ati fidde kun gurra keenyatti keessummaa dha, Kanaafis maal akka inni ta`e baruu barbaanna” ittin jedhan. Warri Ateenaa hundinuu, ormi achi jiraatanis, oduu haaraa odeessuu fi namoota irraas dhaga`uu malee, kan biraa yeroo isaanii kan itti dabarsan hin qaban turan. Phaauloos Yommus gaara Aariyophaagos walakkaa dhaabatee dubbate, Inni “Yaa warra Ateenaa, isin karaa hundumaa warra amantii akka isin taatan nan arga. Utuun darbuu iddo sagada keessanii baayy`ee yommuu ani do`adhetti, iddo aarsaa” **WAAQAYYO ISA HIN BEEKAMNEEF**” jedhame irratti Caafame tokko argeera, egaa isa isin utuu hin beekin itti sagaddan kana, isa isinittan lallaba. Waaqayyo, biyya lafaa, kan uume, gooftaa waaqaatii fi lafaati, inni galma harki namaa ijaareetti hin galu, Ofii isaatii sanyii namaa hundumaaf, jireenyaa fi qilleensa, kan isa barbaachisu hundumaas in kenna., kanaaf harki namaa kan isaaf hojjechuu danda`u , wanti isaaf barbaachisus hin jiru, . sanyiin namaa hundinuu namicha tokkichcha irraa argamanii, irra lafa hundumaa irra akka jiraatan godhe, bara isaaniitti iddo taa`umsa isaaniittis daarii itti godhe, kanas Waaqayyoon

akka isaan barbaadaniif qaqqabatanis akka isa argataniif godhe, amma illee Waaqayyo hunduma keenyattii fagoo miti. Nuyi isatti in jiraanna, inni sochoona, in argamnas, isin keessaa iyyuu warri walleen akkuma jedhan, “Nuyi immoo sanyii isaa ti`

“Egaa sanyii Waaqayyoo erga taanee, Waaqayyo akka yaada namaatti harka nama ogeessaatiin, bifa isa warqee irraa yookiis meetii irraa yookiis dhagaa irraa hojjetame fakkaata jennee yaaduun nuuf hin ta`u. bara Wallaluma isaanii Waaqayyo namootatti lakkaa`uu dhiiseera, amma garuu namni hundinuu iddo hundumaatti yaada garaa isaa akka geeddaratu abboomeera. Guyyaa itti harka nama fo`ate sanaatiin, biyya lafaatti qajeeltootti faraduuf jedhu muree kaa`eera, namicha fo`ate sana du`aa kaasuu isaatiin, kana nama hundumaaf cimseera” jedhe (Hojii Ergamootaa 17:16-31)

Amma immoo Phaauloos Ateenitti Sagada waaqa tolfamaaf ta`e akka isa mudatee argita. Kana Wallalummaadhaan ta`uu isaa argisiisee balaalef-fateera. Achii booda immoo Waaqa isa dhugaa ta`e isa jiraataa immoo lallabaafii jira.

Maaliif waaqa tolfamaatiif sagadan ? maaliif hundumtuu waaqa tolfamaaf jilgeenfatu? Waaqni tolfamaan, dhagaa irraa, muka irraa, sibiila irraa tolfaman, lubbuu hin qaban, hafuuras hin qaban, arguu hin dandaa`an, hin dhaga`an, hin fuunfatan, hin dubbatan, hin sochoa`an, hin yaadan, hin Eebbis. Ammam illee wanti akkasii kun waan biraa ykn nama biraa baka bu`ee hojjeta jedhamee fudhatamus waan namaaf ta`e sanaaf waaqa tolfamaa sanatu waaqa jedhamee isatu godhe jedhamee galateeffama.

Garuu warri Waaqa jiraataa Waaqa irra jiru kana hin beekne, hundi waaqa tolfamaa kanaaf sagadu, waaqni tolfamaan kun Uumama, nama foonii ykn warra du`an ta`uu danda`u.

Ammas ta`e duris namoonni waaqa tolfamoo kana waaqeffachuu sagaduufii itti fufanii jiru. Garuu maaliifi? Rakkinni isaa wallalummaan qulqullu ykn salphaa itti fakkeessee hambisa. Eenyu iyyuu kan beekaa fi hubataa ta`e Kristiyaanas haa ta`uu ta`us haa baatuu Waaqa tolfamaatiif hin sagadu.

2. Macaafni qulqulla`oon Waaqeffannaa akkasumaan (waa`ee hin baafne) dubbata.

Kristoos akkas jedha, “Ana Waaqessuun isaanii akkasumaan, abboom-mii namaan akka seeraa Waaqayyootti barsiisu,” (Matewos 15:9.), daba-lee ammas akkas jedhe, “Jaalala Abbaa koo isa waaqa irraa nama hojjetutu mootummaa waaqaatti gala malee, namni, `yaa gooftaa, yaa gooftaa` naan jechuu duwwaadhaan itti gala miti. Guyyaa isa dhumaa sanatti namoonni

baay`een, ‘Yaa gooftaa, yaa gooftaa, nuyi maqaa keetiin raajii dubbanner, maqaa hafuurota hamoota baafneerra, hojii aangoos maqaa keetiin baayy`ee hojjenneerra mitii? Anaan in jedhu. Ani immoo yeroo sanatti, ‘Matumaa ani isin hin beeku, isin yaa warra hamaa hojjettanii, ija koo duraa badaa` jedheen mul`inatti isaanitti hima” jedhe (Maatewos 7:21-23).

Amma illee sabni Waaqayyoo karaa addaa addaatiin akka waaqeffachuu dandaa`an dubbatamaa jira. Kanaaf iyuu gaarummaadhaan ykn qalbii qulqulluudhaan yoo waaqeffatan waaqa biraatti fudhatama in argata kan jedhan jiru. Kuni garuu dhugaa miti akka seeraa fi abboommii namaati yoo ta`e Waaqeffannaan sun Akkasumaani ykn waa`ee hin baasu, akkasumaani ykn waa`ee hin baasu jech jedhu, duwwaa, faayidaa kan hin qabne, akkasumaan dadhabuu jechuu dha, karaa biraatiin Waaqeffannaanakkasii gooftaa biraatti fudhatama hin qabu.

Namoonni gamtaadhaan “maqaa Kristoosiin walitti qabaman” jechuu waaqeffannaan isaanii fudhatamaa dha jechuu miti., sadarkaa duraa, yoo miseensa Waldaa dhaaba amantaatiin walitti qabaman ta`e, inni maqaa Kristoosiin utuu hin taane maqaa dhaaba amantaa isaaniiti jechuudha. Sadarkaa lammaffaa, yoo Waaqeffannaan isaanii akka haalli isaa akka haala dhaabata amantaa ta`e, inni akka jaarmiyaa Amantaa isaaniiti malee akka kan gooftaa miti. Gooftaan akki jedhu, guyyaa isa dhuma gaafa firdii sana namoonni dhufanii waan hojjetan hunda isa yaadachiisuuuf dubbatu, garuu waan isaaf hin abboomaneef, waan jaalala abbaa isaatii hin guunneef, isaan miseensa maatii Waaqayyoo waan hin taaneef, badaa fuula ko duraa jedheen itti labsaa jedha (Matewos 7:21-23).

Yoo Waaqeffannaan ke akka barsiisa namaa ta`e, inni waaqeffanna ke isa dubbii Waaqayyoo keessatti argite miti, kanaaf waaqeffannaan ke akkasumaan, waan waa`ee baasu miti jechuudha, fudhatamas hin argatu. Kanaaf amma yeroo qabda waan keessa jirtu,sakatta`uudhaaf.

3. Caaffanni qulqullaa`aan waaqeffanna dhugaa fi hafuuraa dubbata.

Waaqeffanna ilaachisee Kristoos akkas jedha “Waaqayyo hafuura, Warri isaaf sagadanis hafuuraa fi dhugaadhaan isaaf sagaduun in ta`aaf” (Yohaannis 4:24).

Mee hanga xinnoo waa`ee kanaa haa ilaallu. Tokkoffaa, Waaqayyo galma Waaqeffanna keenyaa akka ta`e barumsa darbe keessatti baranneerra, lammaffaa, warri isaaf sagaduu qabanis akka barsiisa isaatiitti sagaduufii qabu, Eenyu illee Waaqayyoon akka waaqeffatuuf hin dirqisiifamu, eenu illee nama hin dirqisiisu, garuu warri isa Waaqeffachuu filate garuu erga gooftaan

waaqeffadha jedhee akka Caaffanni dubbatutti waaqeffachuu qaba. sadaffaa, waaqeffannaan hafuuraa fi dhugaadhaan ta`uu qaba. amma Akkas jechuun maal jechuu dha? Gabaabaatti akkas jechuun, hafuuraan, kunis jaalalaan, hubannoodhaan, gad of deebisuudhaan. Akkasuma dhugaadhaan jechuun, waaqeffannaan sun kan ta`uu qabu akka dhugaa caaffata irratti barreeffamee ta`uu qaba. amma waan kun salphaa miti ? Garuu amma tokkoof baayy`ee salphaa dha. Seera waaqeffanna, heera isaa hundumaa keessa darbuu barbaadu. Gooftaan garuu kan inni barbaadu kana miti. Inni kan barbaadu akka inni abboometti akka garaa irraa isa waaqeffatan barbaada. Kanatti dabaluus hirrisuunis hin barbaachisu.

Kun egaa bifa Waaqeffanna kakuu haaraa keessatti barsiifameedha, qu`annaa keenya itti aa`aanutti kan ilaallu Kristiyanonni durii akkamitti waaqeffachaa turan isa jedhuu fi nuti hoo akkamitti waaqeffanna isa jedhu ilaalla. kana qu`annee waaqeffanna isaanii kan fakkaatuun yeroo waaqef-fannu waaqeffanan keenyas gooftaa duratti fudhatama argata.

GAAFFIILEE

1. Kakuu haaraa keessatti Waaqeffanna bifa meeqa baranne?
2. Mee barumsa kana maaliif akka baranne sababa amma tokko barreessi.
3. Phaauloos magaalaa Ateensi magaalaa akkamii taatee arge?
4. Mee magaalaa Ateens keessatti Waaqeffanna mull`ataa ture ibsi.
5. Phaauloos waa`ee Waaqeffanna isaanii maal jedhe?
6. Lallaba Phaauloos qaphxilee amma tokko ibsi.
7. Phaauloos eenyuun itti agarsiise?
8. Isaan sun maaliif waaqa tolfamaa waaqeffatu ?
9. Waaqni tofamoon maal irraa tolfamu?
10. Mee waan waaqonni tofamoon gochuu hin dandeenye amma tokko ibsi.
11. Namni tokko Waaqayyo isa dhugaa Waaqa jiraataa utuu beekee waaqolii tolfamoodhaaf in jilgeenfataa?
12. Harra`a waaqolii tofamoon jiruu?
13. Maatewos 15:9, luqqisii barreessi.
14. Matewos 7:21-23, dubbisi
15. Waaqeffannaan akkasumaan ykn waa`ee hin baafne maali?
16. “Maqaa Kristoosiin” ta`uu duwwaadhaan waaqeffannaan hunduu Waaqa duratti fudhatamaa dhaa?
17. Gooftaan waaqeffanna akkamii barbaada?
18. Galmi waaqeffanna keenya eenu dha?
19. Gooftaan namoonni akka isa waaqeffatan In dirqisiisaa?

20. Waaqeffannaan maal irratti hundaa`eeti?

21. Hafuuraa fi dhugaadhaan waaqeffachuu isa jedhu bal`inaan ibsi.

BARUMSA SHAN

WAAQEFFANNAA KRISTIYAANOTA DURII

Namoonni maal waaqeffatu, akkamitti waaqeffatu, eessatti waaqef-fatu, yeroo waaqeffatan maal maal godhu, yoom waaqeffatu isa jedhuu fi kan kana fakkaatan beekuun barbaachisaa dha. Akkuma beekkamu bara kana waldooli baayy`ee fi akkaataa addaatiin waaqeffachuu baayy`eetu argama. Waaqeffannaan maaliif addaa adda ta`e? addaa addda ta`uutu irra ture? Akka goofaan akka inni barbaadutti waaqeffachuu qabnu akkamit-ti beekuu dandeenya?, kana baruudhaaf karaan jiru gara Caaffata qulqul-la`aa deemnee Kristiyaanonni durii akka itti waaqeffatan dubbisu dha.

Erga Waldaan gaafa ayyana guyyaa shantammaffaa hundeffamtee booda akka caaffanni jedhutti “Amantoonnis barsiisa ergamootaatti, tok-kummaa isaanii cimsachuutti, buddeena cabsachuutti, kadhata godhachuut-tis qabamanii jiraatan” (Hojii Ergamootaa 2:42). Ergamoonni kunii fi Kris-tiyaanonni hundi Cimanii doktriina barsiisa ergamootaatti qabaman. Maal godhan? Ammam illee waaqeffannaan isaanii hundi as irratti caafamuu ba-at-tus, waaqeffanna keessaa sadi caafamaniiru, tokkummaadhaan, kennaad-haan, buddeena cabsachuu (irbaata gooftaa fudhachuu), kadhannaan ibsa-maniiru

Booda irra Phaauloos imala gara Xro`aasitti godhe irratti waaqef-fanna waldaa sana keessatti sa`a dheeraa dhaabbatee akka inni wangeela lallabe akkasitti ibsa caaffanni,”Galgala sanbataa guddaatti bari`u, buddeena cabsachuudhaaf walitti qabamnee turre, Phaauloos borumtaa isaa adeemuu waan yaadeef, dubbii isaa dheeressee hamma halkan walakkaatti, namootat-ti dubbate” (Hojii Ergamootaa 20:7). As irratti guyyaan waaqeffanna kun turban irraa guyyaa isa duraa ta`uu isaa hubanna. Phaauloos Dafinoo dhufee Carraa isaanii wajjin waaqeffachuu argachuudhaaf isaan bira ture. Turban irraa guyyaa isa duraa sanbata duraa dabarsee akka ta`eedha. Kana malees guyyaa sana buddeena cabsachuudhaan (irbaata gooftaa fudhachuu), dhaaf wallitti qabamuu isaanii hima, dhuma irratti carraa kanatti fayyadamee wan-geela lallabeefi karaa isaa deeme.

Eragaa gara warra Qoroontoos, 1:10 fi 11, waan Phaauloos Barreessee obboleeyyan Qoroontoosiif erge yeroo ilaallu, akkas jedha “Barsiifni ani isin-itti dabarse, isuma ani gooftaa biraa fudhadhee ture. Innis , Yesuus gooftaan halkanuma itti dabarfamee kennname sanatti buddeena fuudhee Waaqayyoon

galateeffatee, buddeenicha cabsee, “Inni isiniif cabe kun dhagna kooti, kanas seenaa kootiif godhadhaa” jedhe, Erga nyaatanii booddees akkuma sanatti Xooficha fudhatee, “Xoofoon kun kakuu isa haaraa dhiiga kootiin dhaabbatuu dha, yeroodhuma isa keessaa dhugdanitti seenaa kootiif godhadhaa” jedhe. Yeroodhuma buddeena kana nyaattanitti, yeroodhuma xoofoo kana keessaa dhugdanitti, hamma gooftaan deebi`ee dhufutti akka inni {namootaaf} du`e in labsitu,. Kanaafis sababii maaliitiif akka dhi`aatu utuu gargar hin basin namni buddeenicha nyaatu, xoofoo gooftaas dhugu, dhagna gooftaa dhiiga isaas yakka,. Egaa namni qoree of haa ilaalu. Ergasii buddeenicha irraa haa nyaatu, xooficha keessaas haa dhugu. Dhagna gooftaa ta`uu isaa yaadatee utuu gargar hin basin namni buddeenicha nyaatu, xooficha keessaas dhugu, firdii of irratti fiduudhaaf in nyaata in dhugas, sababii kanaaf baayyeen keessan dhukkubsatoo dha, dadhaboo dhas, namoonni kaanis du`aniiru.” Jedhe (1 Qorontoos 11:23-30),, amma egaa mee waan kana keessaa waan tokko tokko keenya.

1. Phaauloos kana gooftaa biraan fuudhe.
2. Buddeenni sun dhagna gooftaa, xoofoon sun immoo dhiiga gooftaa iddoobu`uu isaa dubbateera.
3. Kunis kan fudhatamuuf Gooftaa yaadachuuf ta`uu isaa.
4. Yeroo kana fudhatanitti du`a gooftaa amma inni deebi`ee dhufutti himuu.
5. Utuu of hin qorin buddeena kana nyaachuuun, xoofoo keessas dhuguun, utuu gargar hin baafatin fudhachuun firdii fiduu isaa.
6. Irbaata gooftaa fudhachuun dura namni tokko of qoruun qaba, of qoruun kunis haala jirenya hafuura isaanii of ilaaluu qabu, yaadni kun yoo waan kanaaf sababa cubbuutiif of hin qopheessine ta`e, geeddaranna yaada ga-raatiin karaa siirrii ta`een Waaqayyoo wajjin waliigaluu qabu, kana booda irbaata qulqulluu sana fudhachuun in ta`aaf. Kanaa achi akka jiraachuun isa irraa eeggamutti hin jiraanne yoo ta`e dafee of sirreessuu qaba. wanti jirenya keessatti waan Waaqayyoof hin taane qabu hundi dhaabbina isaa hafuuraa sirreffachuu Waaqayyoo wajjin waliigaluutu irbaata gooftaa fudhachuun dura ta`uu qaba.
7. Phaauloos akka jedhetti irbaata gooftaa fudhachuun dura namni hundi of qoruun qaba erga jedhee namoonni Waaqayyoo walga`ii cufamaa keessatti hin irmaatan. Waaqayyo garaa namaa beeka. Nuyi garuu akka miseensa Waldaatti nama irratti firdii kennuuf mirga hin qabnu. Garuu akka barsiisa Caaffata qulqulluutti namni tokko dhimma mataa isaatii sakatta`uu qaba.

Ergaa gara warra Qoroontoos 11 irratti Phaauloos warra Qoroontoos balaaleffateera. Mana itti nyaatan itti dhugan kan mataa isaanii utuu qabanii

yroo Waaqeffannaadhaaf dhufan akka hin nyaanne tuxxuqeeraaf. Harra`as akkasuma. Kristiyaanonni naamusaan walitti qabamuu qabu. Buddeena Sanaa fi xoofoo sana irraa hirmaachuun foon Kristoosii fi dhiiga Kristoosiin yaadachuu duwwaadha malee waan biraa miti.

Achii booda gara ergaa 1 Qoroontoos 16:1,2, waa`ee kennaan irratti Ammas Phaauloos akkas jedha. “Waa`ee horii gargaarsa warra amananii Waaqayyoof qulqullaa`an sanaaf bu`u immoo, isinisakkuma ani Waldoota kristiyaanaa kutaa biyya Galaatiyaa abboome godhaa, Erga ani dhufee horii walitti buusuu akka hin barbaachifnetti, Sanbata guddaa, torbeedhuma tokkoon tokkoon keessan hamma wal qixxaateef buusee walitti haa qabu” (1 Qoroontoos 16:1,2). Ammas itti fufee “Namni harka isaa utuu hin guutin facasu, harka utuu hin guutin in galfata, namni harka guutee facasu immoo harka guutee in galfata, Namni adduma addaan garaa duuba yookiis gid-diidhaan utuu hin ta`in, akka garaa isaatti murtoo godhetti kennuutu isaaf ta`a, Waaqayyo nama gammachuudhaan kenu in jaallata” (2 Qorontoos 9:6-7). Akka dubbii gooftaa kanaatti saba gooftaa irraa kennaan kennuutu irraa eeggama. Mee waan kana haa ilaallu.

1. Kana turban irraa guyyaa isa duraa godhuu godhama.
2. Kristiyaanonni hundi kennuutu qabu.
3. Akkaa garaa isaanii keessatti yaadanitti kennuutu qabu.
4. Kennaan kanaakkuma argannaa isaaniitti kennatu, kakuu haaraa keessatti iddoo tokkotti illee waa`een kurnoo ykn ammana kennuutu qabdu kan jedhu hin jiru.
5. Kan isaan kennanakkuma argatanitti yknakkuma garaanisaanii yaadetti kennu.
6. Kennaan kana gammachuudhaani malee dirqidhaan, ykn fuula guuruudhaan miti.
7. Kan isaan kennan gammachuudhaan ta`uu qaba, Waaqayyo warra gammachuudhaan kenu jaallata.

Waa`ee faarfanna luqqisa baayy`eetu kakuu haaraa keessatti caafamee jira, isaan keessaa Iddoo Phaauloosii fi Silaas itti Waaqa galateeffachaa faarfatan ilaalla innis mana hidhaa keessatti (Hojii Ergamootaa 16:25), garuu miseenonni waldaa sabni gooftaa guyyaa waaqeffanna turban irraa isa duraa faarfataniiru kan jedhu hin caafamne, haa ta`u malee caaffanni qulqlaa`an Kristiyaanonni akka faarfataniif ajajeera. (Efeesoon 5:19, Qolosaayis 3:16), kunis gocha Kristiyaanonni durii sun godhan keessaa isa tokko.

Amma yeroo hunduma isaanii walitti qabnee ilaallu, sabni Waaqayyo turban irraa guyyaa isa duraa walitti qabamanii, in kadhatu, caaffata

in qu`atu, in faarfatu, irbaata gooftaa in fudhatu, akkasumas kennaan kenuu. kana irraa kan hafe waan biraa wanti dubbifnu hin jiru. Bara sana irraa kaa-see caaffata biyya lafaa irratti illee bifa waaqeffanna kanaa akka jiru beek-kamaa dha.kanaaf egaa kristiyaanoni bara sana turan erga akkasitti Waaqa waaqwssuu isaanii beeknee, nuti hoo akkas gochuu hin qabnuu?

GAAFFIILEE

1. Waldoonni baayyeen isaanii walfakkaatuu?
2. Waaqeffannaan keenya akka Waaqayyo barbaadutti ta`uu isaa akkamitti beekna?
3. Guyyaa ayyana shantammaffaa pheenxqosxee erga waldaan hundeffam-tee booda maaltu ta`e?
4. Hojii ergamootaa 2:42, luqqisii barreessi
5. Ergamoonni gooftaa maalitti fufan?
6. Bifti Waaqeffanna hundi as keessatti caafameeraa?
7. Phaauloos Xooraas keessa maaliif ture?
8. Hojiin Ergamootaa 20:7, maal jedha?
9. Kristiyaanoni turban irraa guyyaa isa kam walitti qabamu?
10. Mee gaafa sana waan isaan godha barreessi.
11. Qoroonxoosonni maal turan?
12. Phaauloos gooftaa irra maalan fuudhe jedhe?
13. Maaliif buddeena fi xoofoo fudhatu?
14. Kun maal agarsiisa?
15. Buddeena fi xoofo kan hin fudhatamne akkmiini?
16. “Namni tokko buddeena Sanaa fi xoofoo utuu hin fudhatin dura of haa qoru” isa jedhu ibsi.
17. Namni tokko of balleessuudhaaf nyaachuu fi dhuguu dandaa`a?
18. Kristiyaana amanamaa ta`anii garuu irbaata gooftaa fudhachuu dhiisu-un in dandaa`amaa?
19. Sabni waaqayyoo dhossaatti cufatanii fudhachuu in danda`uu? Yoo hin dandeenye maaliifi?
20. Phaauloos akkaataa fudhannaa warra qorontoos balaaleffateef maaliifi?
21. Qoroontoos 16:1,2, dubbisi
22. Guyyaa kami kan Kristiyaanoni horii walitti qaban?
23. Ammam kennuu qabu?
24. Maal kennuu turan?
25. Ammam akka isaan kennuun irra jiru ibsi
26. 2 Qoroontoos 9:6-7, ibsi

27. Waaqayyo nama akkamitti kenu jaallata?

28. Shanan tartiiba Waaqeffannaa himi.

BARUMSA JAHA GUYYAA WAAQEFFFANNAA

Kakuu haaraa keessatti kan barannu barbaachisummaa Waaqeffannaa duwwaa utuu hin ta`in guyyaa kam akka waaqeffachuu qabnus nu barsiisa, guyyaa waaqeffannaa gooftaan nu irraa eegu guyyaa kam akka ta`e nutti hima, guyyaan kun kami?

Ilma namaa irratti amma iyyuu guyyaa sanbataa Waaqeffachuun jira jedhanii warri barsiisan jiru. Wanti kun dhugaa dhaa? Erga seerri hafee ykn fuudhamee akka 2 Qoroontoos3, Qolosaayis 2:14, Ibroota 9:16-17, Ibroota 10:9, nu barsiisutti waaqeffannaan guyya sanbataa miti. Phaauloos guyyaa sanbataa Aiyudootaa wajjin in haasa`a ture, kun dhugaa ta`uu dando`a, garuu iddo tokkotti illee walitti dhufuun isaanii Waaqeffannaadhaafi kan jedhu hin arginu, garuu inni carraa wal arguu kanatti fayyadamee fedhii Waaqayyoo isaan barsiisa ture malee.

Erga guyyaan sanbataa guyyaa Waaqeffannaa hin taanee, guyyaan waaqeffannaa yoomi ree? Yeroo gara barumsa kakuu haaraatti deebinee ilaallu deebisaa gaaffii kanaaf kan ta`u Luqqisa tokkoo ol argina. Duraan dursa, garuun Kristiyaanota kakuu haaraa waaqeffachuudhaaf guyyaa isaan walitti qabaman argina, fakkeenyaaf yeroo Phaauloos magaalaa Xooraasitti imale sana guyyoota murtaa`aniif isaan bira turuu isaa kanas isaanii wajjin waaqeffachuudhaaf carraatti fayyadamuuf akka ta`e caaffanni, kaa`eera. “Galgala sanbata guddaatti bari`u, buddeena cabsachuudhaaf walitti qabamnee turre. Phaauloos bormtaa isaa adeemuu waan yaadeef, dubbiisaa dheeresee hamma halkan walakkaatti namootatti dubbate” jedha (Hojii Ergamootaa 20:7), mee Hojii Ergamootaa 20:6, sirriitti caqasi, Xro`aas keessa guyyaa torba jiraachuu isaa yaadadhu. Kana jechuun inni guyyaa sanbataas achi jira, guyyaa sanbata duraa jechuudha, garuu caaffanni Guyyaa sanbataa kana Kristiyaanotaa wajjin wal arge hin jedhu, garuu guyyaa turban keessaa isa duraa sanbata guddaa, kristiyaanotaa wajjin walitti qabamuu isaanii dubbifna malee.torban keessaa guyyaa isa duraa jechuun isa sanbata duraatti aa`aanu jechuu dha. Amma egaa hiikkaan isaa maali ? hiikkaan isaa guyyaa sanbataa waaqeffachuuf utuu hin taane guyyaa turban irraa isa duraa (sanbata guddaa), waaqeffachuufi malee.

Waan hundumaaf iyyuu torbaan irraa guyyaa isa duraa maali?, Tole, Seera Musee Keessatti Waaqeffannaan torbaan irraa guyyaa isa dhumaal

ture, Seera Kristoos keessatti immoo Waaqeffannan Torbaan irraa guyyaa isa jalqabaati, kana jechuun, gooftaan isa dura dhufee dha malee isa boodaa miti (Maatewos 6:33).

Inni lammataa Phaauloos obboleewwan Qoroontoos jiraniif yeroo barreesse kennaanisaanii torbaan irraa guyyaa isa duraa akka ta`uu qaba, dubbifanna, akkas jedha. “Waa`ee horii gargaarsa warra amananii Waaqayyoof qulqulla`aan sanaaf bu`u immoo, isinis akum ani waldoota kristiyanaa kutaa biyya Galaatiyaa abboome godhaa, erga ani dhufee horii walitti buusuu akka hin barbaachifnetti Sanbata guddaa torbeedhuma tokkoon tokkoon keessan hamma wal qixxaateef buusee walitti haa qabu” (1 Qoroontoos 16:1,2), garuu akka isaaniif walqixxaatetti kennuudhaaf guyyaan kun maa-liif filatamaa ta`e? sababni isaa guyyaan kun guyyaa waaqeffannaaf walitti qabaman waan ta`eef, kennaanis guyyuma sana iddo waaqeffannaatti haa kennamuufi.. dhugumatti utuu Sanbata duraan guyyaa waaqeffanna ta`ee Phaauloos deebisee turban itti aa`aani torbee keessaa guyyaa duraa ykn sanbata guddaa akka kennaniif hin abboomu ture., karaa bira warri guyyaa Waaqeffanna sanbata duraa jedhanii barsiisan kun waa`ee kennaanisaanbata guddaa jedhu kana hoo yoom kennu ree? Maaliifi hoo?

Ammas Yohaannis yeroo waa`ee guyyaa gooftaa kana himu akkas jedha, “Guyyaa isa “Guyyaa Gooftaa” jedhamee beekametti, ani hafuuraan guutameen booddee kootiin sagalee guddaa, sagalee malakata fakkaatu tokko dhaga`e” (Mull`ata Yohaannis 1:10). Guyyaa hundinuu kan gooftaa ta`uun isaa beekkamaa dha, garuu Yohaannis guyyaa kana guyyaa gooftaa jedhee haala addaatiin ibsa. Guyyaa gooftaa akka as irratti ibsutti guyyaa waaqeffanna,ykn guyyaa turban irraa isa duraa, yoo kana hin taane maaliif guyyaa gooftaa jedhee waame ree?

Turban irraa guyyaa isa jalqabaa inni jedhu kun maaliif barbaachisaa ta`e?, dhugoota jiran irratti dabalataan akkuma duraan ibsamettis guyyaa dhufaatiin gooftaa duwwaa utuu hin ta`in guyyaan kun barbaachisaa ta`uu isaatiif sababoota baayy`eetu jiru.

1. Kristoos turban irraa guyyaa isa jalqabaa Du`aa ka`e.

Akka caaffanni jedhutti “Sanbanni erga darbee, jalqaba torbaniitti barii sanbata guddaa Maariyaam isheen Maagdallaa fi Maariyaam isheen kaan awwaalicha ilaaluu dhaqan” (Maatewos 28:1), yeroo Xiqqoo booda immoo kana dubbifna, “Guyyicha jalqaba torbaniitti {gaafa sanbata guddaa} sana galgala, bartoonni Yihudoota waan sodaataniif, mana cufatanii ta`aan, yom-mus Yesuus dhufee isaan gidduu dhaabatee “Nagaan isiniif haa ta`u” isaani-in jedhe, “(Yohaannis 20:19).

2. Yesuus lammata torbaan irraa guyyaa isa jalqabaa bartootatti mull`ate.

Yesuus akka Awwaalaa ka`een torbaan irraa guyyaa isa jalqabaa itti mulla-teera, guyyaa sana boodas turban isaatti turban irraa guyyaa isa jalqabaa (sanbata guddaa), itti mullateera.”Guyyaa saddeet boodees bartoonni isaa ammas walitti qabamanii mana keessa turan, Toomaasis isaanii wajjin ture. Isaan mana cufatanii utuu taa`anii Yesuus dhufee isaan gidduu dhaabbatee, “Nagaan isiniif haa ta`u” ittiin jedhe” (Yohaannis 20:26). Yesuus torbaan keessaa guyyaa isa jalqabaa bartoota isaatti mullatee guyyaa saddeet boodee immoo lammata kan mullate guyyaa kami ? macaafni qulqulluun guyyota kana irra deddeebi`ee nutti himee qalbii keenya keessa galchuun maaliifi? Sababni isaa guyyaan kun Seera Kristoos keessatti baayy`ee barbaachisaa waan ta`eefi. Guyyaa Waaqeffannaas akka ta`uufi.

3. Waldaan yeroo jalqabaatiif kan hundeffamte, torbaan irraa guyyaa isa jalqabaati. (Ho. Erg. 2)

Guyyaan Pheenxeeqoosxee kan kan ta`u, Faasikaan ba`ee guyyaa shantamaffaa irratti. Guyyaan kunis guyyaa kami ?guyyaan kun guyyaa gooftaan itti du`aa ka`e guyyaa turban irraa isa jalqabaati. Garuu guyyaa pheenxeeqoosxee kana baayy`ee barbaachisaa kan ta`e maali? Dhiimma sana irratti ayyaanni kun guyyaa turban keessa isa jalqabaa ta`uun isaa barbaachisaa ture, guyyaa kanatti waldaan gooftaa hundeffamteera. Kana duwwaa utuu hin ta`in guyyaa sana waan baayy`eetu ta`e, kanaaf iyyuu wantoonni ta`an kun hundinuu guyyaa kanaaf ilaalcha addaa akka kennamu godhu. Fakkeenyaaaf hafuurri qulqulluun guyyaa kana dhufe, wangeelli yeroo duraatiif bifa Kanaan guyyaa sana lallabame, yeroo duraatiif wangeela dhaga`anii namoonni baayy`een kan fayyan guyyaa kana,yeroo duraatiif warri fayyan waldaatti kan dabalaman guyyaa kana, kanaaf iyyuu wantoonni kun guyyaa itti raawwataman akka laayyootti bira darbamuu hin qabu.

Dhugumatti guyyaan kun guyyaa gooftaan sabni isaa walitti qabamee isa akka Waaqeffatuuf fo`ate dha, guyyaa turban irraa isa jalqabaa kun guyyaa waaqeffanna godhee gooftaan filateera. Akka fakkeenyaa Kristiyaanota durii sanatti, guyyaa kana walitti qabamanii, guyyaa kana kennaa akka kennaniif abboomamuun isaanii, yeroo xiinxallu guyyaan kun guyyaa waaqeffanna miti kan jedhu shakkii kam iyyuu nama keessaa kan ballees-suut dha. Yaadadhu gooftaan yeroo duraatiif waaqeffannaaf dhufuu isaa fi wanti hundinuu guyyaa kana ta`uu isaanii, kanaafi egaa kan Kristiyaanonni guyyaa turban irraa isa jalqabaa walitti qabamanii isa Waaqeffatanii, isa isaaniif jedhee du`ee du`aa ka`e kana kan itti yaadatan, guyyaa kana guyyaa

torban irraa isa jalqabaati.

GAAFFILEE

1. Guyyaan waaqeffannaa barbaachisaa dha?
2. Gooftaan sabni isaa guyyaa itti isa Waaqeffatan murteesseeraa?
3. Guyyaan sanbataa amma iyyuu in hojjetaa?
4. 2 Qoroontoos 3, Qolosaayis 2:14, Ibrootaa 9:16-17, Ibroota 10:9, Luuqaas 24:44, maal barsiisu?
5. Phaaluoos maaliif guyyaa sanbataa Ayudootaa wajjin wal arge?
6. Guyyaan Hojii Ergamootaa 20:7, Kristiyaanonne walitti qabaman guyyaa kami?
7. Erga guyyaaan sanbataa guyyaa waaqeffannaa ta`eeti maaliif Ergamoon-ni guyyaa kana walitti hin qabamin turan ree?
8. Guyyaan turban irraa isa jalqabaa guyyaa kami?
9. Guyyaan turban irraa isa jalqabaa maaliif guyyaa waaqeffannaa ta`ee fo`atame?
10. Guyyaa Warri Qoroontoos kennaa akka kennaniif abboomaman guyyaa kami?
11. “Guyyaa Gooftaa” isa jedhu ibsi mee.
12. Guyyaan turban irraa isa jalqabaa maaliif barbaachisaa ta`e?
13. Yesuus kan inni boollaa keessaa ba`e ykn ka`e guyyaa kami?
14. Guyyaa Pheenxee qoosxeen dhufe guyyaa kami?
15. Mee wantoota guyyaa pheenxeeqoosxee ta`an ibsi.

BARUMSA TORBA SARXAA (PATTERN) WAAQEFFFANNAA

Amantaa biyya lafaa bara kanaa waaqeffannaa bifaa baayy`eetu jiru. Kaatooliikonni waaqeffannaa adda ta`e kan mataa isaanii qabu, akkasumas warri waldaan Prootestaantii Waaqeffannaa isaaniitiif Saarxaa (pattern), ordofan hedduu qabu. Akkas jechuun iddo tajaajila waaqeffannaan addaa addaa godhaman kan barbaadde torbaan torbaan kaan dhaquu dandeessa jechuu dha. Garuu kun maaliif akkas ta`e? Gooftaan waaqeffannaa inni barbaade karaa kanaanii?

Macaafni qulqulluun kan barsiisu Waldaan tokko innis Kan Gooftaati jedha.(Efeesoon 4:4, Maateewos 16:18). Saarxaan (pattern)iin waldaa kakuu haaraa keessa jira. Kun egaa dhugaa dha, gooftaaf akka sagaddu kan abboomamtes waldaa dha waan ta`eef, waaqeffannaan Waldaa yommuu sana in beekkama jechuudha.

Gooftaan uummanni isaa akkamittiin akka isaaf sagaduu waaqeffachuu qaban baruudhaaf gara kakuu haaraatti deebinee ilaaluu dha. Kakuu haaraa keessa malee fedhii Gooftaan waaqeffannaadhaaf qabu eessattuu arguu hin dandeenyu. Gara isaatti deebinee Gooftaan waaqeffannaa keessatti maal gochuu akka qabnu beekuu dandeenya, akka itti aa`anutti caaffanni mull`isee jira.

1. Waaqayyo duwwaatu waaqeffamuu qaba.

Kristoos yeroo seexaanaan qorame akkas jedhe, “Seexaana nana , argaa koo duraa turi ! “Waaqayyo kee gooftichaaf jilbeenfattee sagadi, isa duwwaafis hojjedhu` kan jedhu Caafameera” jedheen (Maatewos 4:10).

2. Guyyaan waaqeffannaa torbaan irraa guyyaa isa jalqabaati.

Ergamoonni gooftaatorbaan irraa guyyaa isa jalqabaa akka walitti qabaman abboomaniiru, kennaas guyya kana akka kennan caafaniiru. “Erga ani dhufee horii walitti buusuu akka hin barbaachifnetti, sanbata guddaa, torbeed huma tokkoon tokkoon keessan hamma wal qixxaateef buusee walitti haa qabu” (1 Qoroontoos 16:2).

3. Kristiyaanонни gooftaa waaqeffatu.

Fakkeenya kanaa qabna. “Amantoonni barsiisa ergamootaatti tokkummaa isaanii cimsachuutti, buddeena cabsachuutti, kadhaa godhachuutti qabamanii jiraatan” (Hojii Ergamootaa 2:42), “Galgala sanbata guddaat ti bari`u buddeena cabsachuudhaaf walitti qabamnee turre, Phaauloos borumtaa isaa adeemuu waan yaadeef, dubbii isaa dheeress ee hamma halkan walakkaatti namootatti dubbate” (Hojii Ergamootaa 20:7).

4. Akkamitti akka waaqeffannu nutti himameera.

Kristoos akkas jedhe “Yeroon itti warri dhuguma sagadan, hafuuraa fi dhugaadhaan abbaadhaaf sagadan garuu in dhufa, innis ammuma iyyuu ga`eera, abbaanis warra akkasitti isaaf sagadan in barbaada, Waaqayyo hafuura, warri isaaf sagadanis hafuuraa fi dhugaadhaan isaaf sagaduun in ta`aaf” jedhe (Yohaannis 4:23-24).

5. Shanan bifaa waaqeffannaa sirriitti kaa`Ameera.

Kunis Caaffata qu`achuu (2 Ximootewos 2:15), Kadhata (Hojii ergamootaa 2:42), Faarfachuu (Efeesoon 5:19), Irbaata gooftaa fudhachuu (Maatewos 26:26-28), Kennaadhaan (2 Qoroontoos 9:6-7). Kanneen egaa Bifa Waaqeffachuu shaman ta`uu isaa kakuu haaraa keessatti kan dubbifannuu dha. Kanaafu wantoota kanaaf of qabuu qabna.

6. Waaqeffannaa irratti argamuudhaaf amanamoo akka taanu nutti himameera.

Barreessaan Macaafa Ibrootaa akkas jedhe, “Akka jara tokkootti amala

ta`e, nuyi walitti qabamuu keenya hin dhiifnu, guyyaan gooftaa dhi`aachaa akka adeemu in argitu, kanaaf ittuma Caalchisfnee wal jajjabeessina” jedhe (Ibroota 10:25).

7. Waaqeffannaan salphaa fi waan namatti hin ulfaannee dha.

Eenyuutti iyyuu kan ulfaatu ykn kan rakkisu miti, inumaa iyyuu hundumti namaa gara kanatti afeeramuu qabu.

8. Sagantaan Waaqeffannaa hundumtuu barsiisa Gooftaa irratti hundaa`aniiti.

Kan dubbannu Akka dubbii Waaqayyootti. (1Pheeexroos 4:11)., Waan inni jedhe malee tokko illee hin ta`u.

Waldaan Kristoos Sarxaa (Pattern), barsiisa kakuu haaraa Eeguudhaan adda. Kanaaf iyyuu Waaqeffannaa keessatti akka garuuwan kaaniitti Waaqeffannaa irratti waan daballu hin qabnu. Fakkeenyaaf waan kanaa gaditti caafaman hin goonu.

1. Faarfannaa irratti meeshaa Muuziqaa hin qabnu, hin fayyadamnus. Barsiisni kakuu haaraa, ifaatti Waaqayyoon akka galateeffannu dubbata. “Qooqa garaa garaatiin, faarfannaa galataatiin, weedduu hafuuraatiinis wal harkaa fuudhaa! Garaa keessan keessatti faarfachaa galata gooftaa dhageessisaa” (Efeesoon 5:19)., Kana barumsa Faarfannaa jedhu keessatti bal`inaan ilaalla.

2. Irbaata qulqulluu cufaatti utuu of hin qorin hin fudhannu. Phaauloos akkas jedha. “Egaa, namni qoree of haa ilaalu,! Ergasiis buddeenicha irraa haa nyaatu, xooficha keessaas haa dhugu” (1 Qoroontoos 11:28).

3. Kurnoo kaffaluu hin shaakallu:- Phaauloos akkas jedhee Caafe, “..... Hamma wal qixxaateef buusee walitti haa qabu” (1 Qoroontoos 16:2).

4. Guyyaa gooftaa guyyaa Waaqeffannaa malee guyyaa biraa horii hin buusnu. Gareen Amantaa baayyeen, horiin akka buufamuuf, yeroo walitti qabaman yeroo hundumaa horii gaafatu, kun akka caaffata qulqulluu miti, Kristiyaanonni guyyaa isaan horii buusan turban irraa guyyaa isa jalqabaati. (1 Qoroontoos 16:2).

5. Garee faarfannaa ykn faarfattoota addaa kan waaqeffannaa irratti nuuf faarfatu hin qabnu. Akka caaffanni qulqulla`aan barsiisutti kristiayaanni dhuunfaa isaatti ofi isaatiif faarfachaa waldaa keessattis alumaan akka faarfannuu dha. Phaauloos akkas jedha. “Ani afaan hin beekamneen yoon kadhadhe, hafuurri koo in kadhata, qalbiin koo garuu isa duukkaa hin kadhatu, egaa maal wayya ree? Ani hafuuraan nan kadhadha qalpii kootiin immoo nan kadhadha, hafuuraan nan faarfadha, qalpii kootiinis nan faarfadha” (1 Qoroontoos 14:14-15).

6. Guyyaa Waaqeffannaa addaa, akka Faasikaa, akka dhaloota gooftaa hin

qabnu, Phaauloos akkas jedha, “Guyyaa, baatii, buusaa baraa keessaa yeroo, wagga tokko tokko addaan baaftanii sodaattanii in eeggattu, Ani, “Akkasmaanan isinitti dadhabe” jedhee waa`ee keessaniif nan Sodaadha” (Galaatiyyaa 4:10-11).

7. Irbaata qulqulluu, kan fudhannu, ji`a irraa, ji`a sadii irraa, wagga irraa yeroo tokko miti. Irbaata qulqulluu kan fudhannu turban irraa guyyaa isa jalqabaa yeroo hundumaati, Kristiyaanoni durii akkasitti fudhatan (Hojjii Ergamootaa 20:7). Guyyaa isa jalqabaa kami ? guyyaa kana kan kenne aboo eenyuuti? Turban hundumaa keessa guyyaa isa jalqabaa jedhamee kan beekamu sanbata guddaa dha., guyyaa kana kristiyaanoni buddeena cabsachuudhaaf waaqeffachuudhaaf walitti qabamu, faarfachuudhaaf, kadachuudhaaf, dubbii waaqayyoo qu`achuudhaaf, kennaa kennuudhaaf kkf.

8. Waaqayyoon waaqeffachuudhaaf, aa`adaa, Seera, yaada namaa tokko keessa illee hin darbinu, Pheexroos Akkas jedha, “Akka jirenya keessanii isa abboota keessan irraa isinitti darbee, isa waa`ee hin baafne sana jalaa, wanta badu waan akka meetii yookiis warqeetiin akka hin furamin, isin iyyuu in beektu” (1 Phexroos 1:18). Phaauloosis itti dabalee akkas jedha “Namni tokko illee akka barsiisa Kristoositti utuu hin ta`in, yaada mataa isaa keessaa ba`ee fi gowwoomsaa waan tokko of keessaa hin qabneen isin hin harkisin, akka barsiisa amala namaatti akka isa hafuurota bantii waaqaa keessaa biyya lafaa kana irratti human qabu jedhamanii sodaatamaniiitti isin hin booji`in kana hundumaattiis of eeggadhaa” (Qolosaayyiis 2:8).

9. Doktiriina namootaa jala hin deemnu, abboommii namootaas hin eeggannu. Ergamaa Phaauloos akkas jedha “Kristoosii wajjin taatanii hafuurota bantii Waaqaa keessaa biyya lafaa kana irratti human qabu jedhamanii soodaataman jalaa erga duutanii immoo, maaliif akka waan amma iyyuu kan biyya lafaa taataniitti jiraattu ree? Maaliifis seerrata isaanii jala of galchitu ree? Kana harkaan hin qabin, sana afaniin hin qabin, isa kaanis hin tuqin” in jedhuwanti kun hundinuu immoo itti hojjetanii akka dhumaa adeemaniif hin turree ree! Akka ajaja namaa fi akka barsiisa namaattis duubatame mitii ree? “(Qolosaayis 2:20-22).

10. Waaqeffanna keenya keessatti kakuu moofaa hin ordofnu, Garuu amantaa baayy`een kana ordofo, Akka sanbataa, akka meeshaa muuziqaa, akka kurnoo kaffaluu, kun hundi Kakuu haaraan maaliif akka dhufe wallaaluu ykn utuu beekanii fudhachuu dhiisuudha., kakuu moofaan yeroon isaa raawwateera.(2 Qoroontoos 3, Ibroota 10:9, Yohaannis 1:17).

Kana waan ta`eef nuyi kan ordofnu kan jala deemnu barsiisa Kakuu haaraati, utuu itti hin dabalin, utuu irraa hin hirri`isin, utuu waan biraadid-

doo hin buusin (Mulla`ata Yohaannis 22:18-19, Galaatiyaa 1:7-9). Inni gara hojii gaariitti geessuuuf dhimma baasaa dha (2 Xiimootewos 3:16-17). Inni gara jirenyaattis nama geessa, (2 Pheexroos 1:3).

Namoonni hundinuu gara caaffata kanaatti utuu deebi`anii utuu geg-geeffamanii tokkummaan jiraachuu danda`a. karaa kanaa ala anas ta`e siin gooftaan akka waaqeffannu nu hin ajajne. Garuu Gooftaan hundumti keen-ya akkaataa caafame kanatti akka isa Waaqeffannu barbaada.

GAAFFILEE

1. Maaliif waaqeffannaan bifa addaa addaatiin godhamaa jira?
2. Macaafa qulqulluu keessatti waa`ee Waldaa meeqaa baranne, dubbifne?
3. Waldaa kan eenyuuti?
4. Waa`ee saarxaa (Pattern), waldaa iddo kamitti argina?
5. Maali saarxaan (pattern) waaqeffanna?
6. Eenyu kan Waaqeffamuu qabu?
7. Guyyaan waaqeffanna kam akka ta`e himi.
8. Gooftaa waaqeffachuu kan qabu eenyu akka ta`e himi.
9. Akkamitti waaqeffachuu qabna?
10. Mee shaman seera waaqeffanna barreessi
11. Waaqeffanna irratti meeshaa muuziqaa maaliif hin fayyadamnu?
12. Maali cufaatti irbaata qulqulluu jechuun?
13. Hammam walitti qabuu qabna kennaaf?
14. Garuu faarfatootaa qabachuun dogoggora maalii qaba?
15. Waaqeffanna addaa akka faasikaa, dhaloota gooftaa maaliif hin qabnu?
16. Kristiyaanonne irbaata qulqulluu akkamitti fudhatu?
17. Maali doktriinnii fi abboommiin namaa?
18. Sabni waaqayyoo kakuu moofaa ordofuu qabaa?
19. Kakuu haaraan akkamitti ibsama?
20. Garuu amantaa keessatti tokkummaa uumuun in dandaa`amaa? Akka-mitti?

BARUMSA SADDEET QUA`ANNA MACAFA QULQULLUU

Shanan waaqeffanna keessatti godhaman keessaa Macaafa quluqul-luu qu`chuun kakuu haaraa keessatti kan barreeffaman keessaa isa tokko. Kana kan goonu waan abboomamne duwwaadhaaf utuu hin ta`in Fakkeen-ya Kristiyaanonne durii gaafa Waaqeffannaadhaaf walitti qabaman godhaa turaniif.

Qu`annaan macaafa qulqulluu kophaattis namootaa wajjinis waan geggeeffamuu qabuudha, garuu barumsa kana keessatti qu`annaa macaafa qulqulluu kana guyyaa turban irraa isa jalqabaa Waaqeffannaadhaaf gaafa walitti qabamnu isa goonu ilaaluufi. Caaffata qu`chuudhaan waaqeffachuu fi tajaajiluu Gooftaan dubbii keessatti nu barsiiseera.

Waaqeffannaan qu`annaa kun, dubbisuudhaanis, ykn isa dubbii Waaqayyo kana lallabu dhaggeeffachuudhaanis in ta`a.. in Acts 20:7, irratti Akka Phaauloos Warra obboleeyyan Xro`aasiif guyyaa Waaqeffanna Gooftaa lallabuu isaa argina,.hojii Ergamootaa 17 keessatti immoo kan dubbifnu, “Halkanuma Sana obboloonni Phaauloosii fi Siilaasiin gara mandara Beeriyaatti ergan,akkuma achi ga`aniinis gara mana sagadaa warra Yihudootaa dhqan. Yihudoonni warri kunis warra Tasalooniiqee caalaa, warra yaada gaarii turan, dubbicha fudhachuudhaaf qophaa`anii, waan dubbatame kun dhugaa ta`uu isaa baruudhaaf guyyuma guyyaatti macaafota qulqulluu in qoru turan. Isaan keessaa baayy`een, Griikota keessaas dubartoonni beekkamoonii fi dhiironni baayy`een in amanan” (Hojii Ergamootaa 17:10-12), Kristoosis akkas jedhee barsiise, “Caaffata qullaa`oo keessaa jirenye bara baraa qabna jettanii waan yaaddaniif, Caaffatoota qortu, caaffatoonni sunis immoo anaaf dhugaa dhugaa in ba`u” (Yohaannis 5:39), Phaauloos Dargageessa hojjetaa Wangeelaa akkas jedhaan “Ati akka hojjetaa qoramee fudhatamee, waan itti yeella`u hin qabneetti akka nama dubbicha isa dhugaadhaan qajeeltootti hojjetuutti, waaqayyo dura of dhaabachiisuudhaaf dhama`I, “(2 Ximootewos 2:15). Kristoosis akkas jedha, “Warri waan qajeelaa akka midhaanii beela`anii akka bishaanii dheebotan haa gammadan, isaan ges-sifachuuf jiru” (Maatewos 5:6), itti dabalee akkas jedhe “Yesuus garuu deebisee “Caaffata qulqullaa`aa keessatti ‘Namni nyaata duwwaadhaan hin jiraatu, dubbii afaan Waaqayyoo keessaa ba`u hundumaan malee” kan jedhu Caafameera” jedhe (Maatewos 4:4).

Qu`achuu duwwaa utuu hin ta`in karaa sirriitiin waan sirrii qu`achuun keenya baayy`ee barbaachisaa dha.akkasumatti waan sirrii isa dhageenye waan sirrii kanas lallabna jechuudha. Phaauloos akkas jedha. “Egaa Amanti in dhaga`uu irraa in dhufa, wanti dhaga`uun ta`u immoo dubbii Kristoosiin in beekkama” jedha (Roomaa 10:17). Kana jechuun waan dogoggoraa yoo dhageene, waan dogoggoraa amanna, keessumatti iyyuu yoo dhugaa adda hin baafannu ta`e. garuu yoo dhugaa dhageenye, dhugumatti dhugaa amanna jechuudha.

Waaqayyo bara kana dubbateera, kan dubbates karaa ilma Isaa Yesuus Kristoos keessaani. (Ibroota 1:1,2). Yesuus gaafa gaara dheeraatti isaan fud-

hatee ol ba`e sana Waaqayyo mataan isaa Yesuusiin ilaalchisee akkas jedhe, “..Kuni ilma koo isa ani jaalladhu, gammachuun koos isatti in raawwatama, isa dhaga`aa” jedhe (Maatewos 17:5), Kristoosis dubbii Waaqayyoo dubba-teera. Yesuus deebisee “Eenu illee yoo na jaallate dubbii koo in raawwata, abbaan koo immoo isa in jaallata, nuyis isa bira in dhufna, iddo jirenyaas isa bira in godhanna. Namni ana hin jaallanne immoo dubbii koo hundumaa hin raawwatu, dubbiin isin dhageessan kunis kan abbicha isa na ergee ti malee kan ko omit” jedheen (Yohaannis 14:23-24),, dubbiin kun akka caafametti, “Yesuus macaafa kana keessatti kan hin caafamin, milikkita kan biraabaaayy`ee bartoota isaa duratti hojjeteera. Isaan kun garuu, Yesuus, Kristoosicha, ilma Waaqayyoo ta`uu isaa akka amantaniif, amanachuu keessaniinis maqaa isaatti jirenya akka qabaattaniif Caafameera” (Yohaannis 20:30-31). Kana malees caaffanni qulqulluun hafuura Waaqayyootiin geggeeffamanii kan caafamanii dha, kanaaf iyyuu namoota gara hojii gaariitti, gara birmad-uutti geessuuf qopheessu. (2 Ximootewos 3:16,17, Yaaqoob 1:25).

Wanti armaa olitti barreeffame dhugaa ta`uu isaa yeroo ilaallu dubbii Waaqayyoo qu`achuuf kan walitti qabamnuuf sababoota baayy`eetu jiru.

1. Wanti qu`annuuf dubbii Waaqayyoo waan ta`eefi. (Ibroota 13:7, 1 Pheex-roos 1:23, Efeesoon 6:17). Gooftaan utuu duukkana keessatti nu hin dhiisiin fedhii isaa nutti mullisuun dinqisiisaa dha.

2. Fedhii Waaqayyoo caalaatti akka beeknuuf akka hubannuuf. (Hojii Ergamootaa 13:7),, kanaaf iyyuu yeroo hundaa qu`achuun dhimma mataa keenyaati. Waaqayyo sammuu yaaduu danda`u dandeettiis waan nuuf kenneef, dubbifnee qu`annee fedhii Waaqayyoo mataa keenyaaf beekuu qabna.

3. Akka sobaan hin gowwoonfamneef qu`achuu qabna. (Efeesoon 4:14, Efeesoon 5:6, Yaaqoob 1:22). Maqaa Kristiyaanummaatiin barsiisa baayy`eetu jiru. Dhugaa ykn sobaa ta`uu isaaniiakkamitti beekuu dandeenya? Kana kan itti beeknu dhugaa isa dubbifnee argine kanaa wajjin walbira qabuudhaani. Yohaannis hafuronni ykn lallabni Waaqa bira ta`uu ykn ta`uu dhiisuu isaanii akka adda baafannu nutti him (1 Yohaannis 4:1). Akka hin sobamneef akka hin gowwoonfamneef dubbii Waaqayyo caaffata qulqullu qu`achuu qabna.

4. Dubbii Waaqayyoo kan qu`annuuf fedhii Waaqayyoo beeknee darbees dhugaa kana warra kaan akka barsiifnuufi, Phaauloos, akkas jedha, “Ati ofi kee barsiisa kees eeggadhu, akkas gochuu itti jabaadhu! Akkas gochuu keetii in mataa kee, warra si dhaga`anis gara fayyinaatti in geessita” (1 Ximootewos 4:16). Kristiyaanota durii sana ilaalchisee caaffanni akkas jedha. “Aman-toonni warri bittimmaa`an biyya keessa naanna`anii dubbicha in lallaban”

jedha. (Hojii Ergamootaa 8:4).

Qu`annaa keenya itti fufuudhaan gara 2 Ximmotewos 2:15, dhaqnee isa Phaauloos dubbii dhugaa qu`achuudhaan dubbii isaa sirriitti isa qajeel-tootti hojjetu isa jedhu akka ilaallun barbaada. Kuni Macaafni qulqulluun iddo lamatti qoodamee jira, Kakuu Moofaa fi kakuu haaraa,. Akkasuma wanti baruu qabnu Kakuu moofaan seera bara abbootaa fi seera muse of keessaa kan qabu yeroo ta`u seeronni kun amma kan ittiin hojjennu ykn hojjechuuf kan dirqamnu miti. Kakuu Haaraan kan of keessaa qabu garu Seera Kristoosi, karaa biraatiin Kakuu moofaan kan hojjete warra du`uu fi du`aa ka`uu Kristoos dura turaniifi, kanaafitu inni tokko moofaa inni kun immoo haaraa jedhame. Garuu nuyi Amma eessa jirra?, hubadhaa erga fannoo Kristoos jala jiraanne, kan jiraachuun nuuf ta`us Seera Kristoos jala ta`uu qaba, innis Kakuu haaraa jedhama (Ibroota 9:16,17, Ibroota 10:9).

Egaa gaaffiin kan dhufu Kakuu moofaan dubbii Waaqayyoo ta`uu isaa amanuudha. Deebisaan isaa Eeyyee kakuu moofaan dubbii Waaqayyooti. Haa ta`u malee akka seeraatti nu irrattis ta`e eenyumatti illee dirqisiisa hin qabaatu. Erga akkas ta`ee Kakuu moofaa maaliif qu`anna ree? Kunis saba-boota baayy`eetu jiru.

1. Waa`ee uumamaa fi jalqaba waan hundumaa barachuuf kakuu moofaa in qu`anna.
2. Seenaa ilma namaa fi Waaqayyoo wajjin akka akka turan baruuf
3. Phaauloos akka jedhetti fakkeenyaa nuuf ta`uuf “Wanti kun hundinuu immoo, nus akkuma isaan Sanaa waan hamaa akka hin hawwineef of nu eeggachiisu” (1 Qoroontoos 10:6).
4. Keessa isaa akkuma isa ammaa kana qajeelfama kan ta`an garuu seera kana wajjin walqunnamtii kan hin abnetu jiru.
5. Nutis abdii dhugaa, seera caalaatti bareedaa ayyana qabu jala akka jirru barruufi. (Yohaannis 1:17)

Amma Dubbii Waaqayyoo kana ciminaan akka qu`annuuf dubbii isaa akka barbaachisutti akka hirmaannuuf qu`annaa kanaaf Caaffata qulqulluun kanaaf waan nu gargaaran qabxiilee nu gargaaraan kanaa gaditti haa ilaallu.

1. Caaffata yeroo baayy`ee irra deddeeb`ii dubbisi.
2. Hanqara (context) isaa dubbisi.
3. Eenyutu dubbate?
4. Eenyuuf dubbate?
5. Yoom dubbatame?
6. Kan caafame fakkeenyaaaf moo afaan kallattiitiini?
7. Abboommii dha?

8. Fayyina keenyaa wajjin wal ilaallataa?

Akkasumas meeshaaleen kun qu`annaa caaffata qulqulluuf si gargaaru kan akka, macaafa qulqulluu turjumaana addaa addaa, Dictioneeryy (hiik-kaa jechootaa), Macaafa qulqulluu moggaasa adda addaa qaban, (Bible concordance), hiikka dubbichaa kan kennan (commentaries), kkf. Garuu kana hundumaa caalaa kadhannaadhaan macaafa qulqulluu dubbisuu qu`achuu shaakali. Namoonni baayy`een Waa`ee caaffata gulqulluu beeku, garuu wantoota inni of keessaa qabu hin beekan.

Yoo anii fi ati akka Gooftaan nu gaafatutti goonee, torbaan irraa guyyaa isa jalqabaa Amantootaa wajjin walitti qabamnee caaffata qulquluu yoo qu`anne, beekumsa Macaafa qulqulluus in arganna hafuurattis akka Kristiyaanota duraatti in guddanna. Yoo hundumtuu kana godhe waldaan in jajjabaatti, tarii hiriyoota keenyas gara dhugaa kanaatti fiduu dandeenya, akkasitti egaa kan dubbiin Waaqayyoo nu fayyisu darbees kan tokko nu godhu.

GAAFFILEE

1. Eenyutu qu`annaa caaffata qulqulluutti hirmaachuu qaba?
2. Dubbii Waaqayyo akkamitti dhaga`uu qabna?
3. Warri Beeriyyaa Warra Tasaloonqiee maaliif caalan?
4. Yesuus Yohaannis 5:39, irratti maal jedhe?
5. 2 Ximootewos 2:15, luqqisii barreessi
6. Eenyu faa dha Warri Yesuus “haa gammadan” jedheen?
7. Ilmi namaa buddeena duwwaadhaan jiraataa?
8. Amantiin akkamitti dhufa?
9. Yoo dubbii dogoggoraa dhageenye maaltu ta`a?
10. Waaqayyo bara kana karaa kamiin nutti dubbata?
11. Barsiifni Yesuus maaliif caafame ?
12. 2 Ximootewos 3:16,17 fi Yaaqoob 1:25, dubbisi
13. Mee caaffata qulqulluu qu`achuuf sababa walitti qabamnuuf ibsi.
14. Dubbii waaqayyo irratti hirmaachuu jechuun maal jechuudha?
15. Seerota sadan Caaffata keessatti caafaman ibsi.
16. Nuyi seera isa kam jala jirra?
17. Kakuu moofaan dubbii Waaqayyo qabatee jira?
18. Caaffata kakuu moofaa maaliif qu`anna?
19. Mee qajeelfama qu`annaa macaafa qulqulluuf ta`u ibsi.
20. Meeshaaleen biraan kan qu`annaaf nama gargaaran maal faa dha?
21. Beekumsa macaafa qulqulluu akkamitti arganna?

BARUMSA SAGAL KADHANNAA

Waaqeffannaa kakuu haaraa keessatti goonu keessaa inni tokko kadhata. Kristiyaanonne durii sun yeroo Waaqeffannaadhaaf walitti qabaman kan isaan godha tokko kadhata, yommuu Waldaan Kristiyaanaa hundeef-famte sana caaffanni akkas jedha. “Amantoonni barsiisa ergamootaatti, tok-kummaa isaanii Cimsachuutti, kadhannaq godachuuttis qabamanii jiraatan” (Hojii Ergamootaa 2:42). Hubadhu “kadhata godhachuuttis” kunis Qaama Waaqeffannaa keessaa isa tokkoodha.

Kadhata jechi jedhu, kadhachuu, araarsuu ykn akka jaarsummaa, gaafachuu, gabaabaadhumatti haasa `uu, gooftaatti himachuu jechuudha., inni qama tajaajila waaqeffannaa keenyaa duwwaa miti, garuu inni qama jirenya keenya keessatti yeroo hundumaa godhamuu qabuu dha. Phaaloos akkas jedha, “Kadhataa fi Himata himata keessan hundumaa keessatti yeroo hundumaa hafuuraan geggeeffamaatii kadhadaa ! egaa kadhachuutti dammaqaa, obsaanis itti jabaadhaa warra Waaqayyoof qulqullaa`an hundumafis kadhadaa” (Efeesoon 6:18), itti dabalees, “Kadhata keessan ittuma fufaa malee hin dhiisinaa” (1 Tasaloniiqee 5:17), kana jechuun namni tokko yeroo hundumaa hafuura kadhataa qabaachuu qaba jechuudha.

Egaa kana ilaalchisee wantoota barbaachisoo gurgoddoo haa ilaallu.

1. Kadhannaan Kristiyaanota yookaan ijoollee Waaqayyootiif kan , akka dubbifnett, Eeggamee dha.

Kana jechuun Warri Kristiyaana hin taane, hin kadhatan ykn kadhachuu hin dandaa`an jechuu miti. Garuu caaffanni qulqulluun kana yeroo ibsu, kadhannaan mirgaa fi eebba kan Kristiyaanotaaf kennamedha jechuudha.”Waaqayyo warra Cubbamootaaf akka hun dhageenye in beekna, nama isa sodaatuuf jaalala isaas raawwatuuf garuu in dhaga`a” (Yohaannis 9:31). Amma mee ilaali wanti jedhame kun, Gooftaan kadhata eenyuu akka dhaga`u namni kadhanni isaa dgagaa`amuuf sun – Nama Waaqeffataa ,Nama fedhii gooftaa godhu dha. Inni eenyu ? Kristiyaana ! kana biratti cubbamaan maa-liif kadhata? Gooftaan akka cubbuu isaa dhiisuuf kadhachuu hin danda`u, sababni isaa Kristoos namni tokko fayyuudhaaf cubbuun isaas akka dhii-famuuf Amanee cuubamuu akka qabu dubbateera waan ta`eef. (Maarqoos 16:16),, Amanuudhaafis kadhachuu hin danda`u, sababni isaa caaffanni qulqulluun akkaata amanitin itti dhufu himeera waan ta`eef (Yohaannis 20:30-31, Roomaan 10:17). Akka cubbamaatti waan biraatiif illee kadhachuu hin danda`u.

Yeroo gara Kakuu haaraatti deebinu dubbifama nuyi dubbifnu kan kad-

hataa ilaallatee jiru, akka ilaalletti kadhanni hundi kan maluuf Kristiyaana duwwaadha. Kristiyaanonni ijoollee Waaqayyooti, aboo kanas Waan dubbii isaatiif abboomamaniin argatan. (Galaatiyaa 3:26-27), kanaaf mirga guutuudhaan Waaqayyoon abbaa keenya jedhanii Waammatu. (Roomaa 8:15.), Yoo namni hundumtuu cubbamaanis Kristiyaannis Waaqayyoon abbaa keenya jedha ta`e, maali ree caalmaan Kristiyaanotaa? Kanaafis dhugaan ati beekuu qabdu Kristiyaanota duwwaatu mirga ykn kennaa kadhata gara gooftaatti ta`u qaba, kunis eeba hafuuraa nuuf kennaman keessaa isa tokko. (Efeesoon 1:3).

Wanti argaa jirru, wanti balli`inaan ta`aa jiru, cubbamoonni dhiifama cubbuutiif kadhatanii akka Kristiyaana ta`an iddo addaa addaatti argina., kuni garuu Dubbii Waaqayyo hin deggaru, garuu kun barsiisa namootaa ykn abboommii namootaati.

2. Kadhannaan keenya ta`uu kan qabu karaa Kristoos gara Waaqayyoottii dha.

Waaqayyo abbaa dha, inni isa eeba hundumaa nuuf kenneedha, isa qofa isa duwwaa gargaarsaaf waammachuu, akkasumas waan nuuf godheef isa duwwaa galateeffachuu qabna. Kallattiidhaa Waaqayyotti dhaquu hin qabnu, sababni isaa Walitti dhufeenya keenya gidduu cubbuun seenee gargar nubaasee ture waan ta`eef, kana jechuun nama biraanilaalla jechuu miti, jirenya keenya keessatti, kan jaarsummaa nuuf lixe, kan Waaqayyoo wajjin walitti nu araarse, kan iddo keenya dhaabatee nuuf dubbate Kristoos waan ta`eef teessoo Ayyana waaqayyootti kan ittiin dhihaannu karaa Kristoos duwwaadha. Dubbii Waaqayyo dhageeffadhu, “Yesuus kun Masihicha ta`uu isaa kan amanu hundi mucaa Waaqayyoti, isa dhalche sana namni jaallatu, isa Abbichattii dhalate immoo in jaallata, Waaqayyoon yommuu jaallannu, abboommii isaas yommuu goonu, ijoollee Waaqayyo jaallachuu keenya in hubanna” (1 Yohaannis 5:1,2),, dabalataani “Waaqayyo tokkicha, inni gidduu dhaabatee Waaqayyoo fi nama walitti fidus tokkicha inni immoo Kristoos Yesuus isa nama ta`ee mul`ate dha” (1 Xiimootewos 2:5),, kanaaf iyuu yeroo hundumaa maqaa ykn isa Aboo qabu maqaa Yesuusiin kadchuu qabna.(Maatewos 28:18).

3. Dhugaa fi hafuuraan taanee kadhachuu qabna.

Barumsa keenya Kanaan duraa keessatti Gooftaan akki jedhe, Waaqayyoon dhugaa fi hafuuraan Waaqeffachuu qabna kan jedheedha (Yohaannis 4:24), erga Kadhananais qama Waaqeffanna ta`e, darbees guyyaa hundumaa jirenya Kristiyaanaa erga ta`ee, kadhannaan keenyas dhugaa hafuuraan ta`uu qaba. phaauloos Warra Qoroontoosiif akkas jedhee barreesse

“Ani afaan hin beekamneen yoon kadhadhe, hafuurri koo in kadhata, qalbiin koo garuu isa duukkaa hin kadhatu, Egaa maal wayya ree? Ani ha-fuuraan nan kadhadha, qalbiikootiinis immoo nan kadhadha hafuuraan nan faarfadha, qalbii kootiinis immoo nan faarfadha” (1 Qoroontoos 14:14-15). Kana jechuun kadhannaan keenya hubannaa wajjin, sammuun keenya waan jennu sana beekuu, kanas garraamummaadhaa fi kabajaan akka ta`uudha. Kadhannaan keenya Caaffata qulqullaa`aa wajjin kan walta`e ta`uu qaba., kana jechuun gaaffiin keenya gaaffii fedhii gooftaan mormu ta`uu hin qabu jechuudha., yeroo tokko Kristoos gaaffii gowwummaa yeroo ergamoonni isaa gaafatan akkas jedheen, “Yesuus garuu deebisee “Waan kadhattan hin beektan ! isin immoo xoofoo dhiphina ani dhugu in dandeessuu jennaan, isaan immoo “ in dandeenya jedhaniin” (Maatewos 20:22), dabalatanis akkas jedheera, “Yesuus immoo deebisee, Waaqayyo kee goofticha gar-malee hin eeggatin” kan jedhu Caafameera” jedhe (Maatewos 4:7).

4. Haalli kadhata keenyaa caaffata qulqullaa`oo keess ifatti kaa`A-meera.

Kadhata galata galfachuun dhihaachuu qabna. “Waan hundumaatti, kadhataa fi himataan galataa wajjin wanti isin barbaachisu Waaqayyo duratti akka beekamu godhaa malee, waanuma tokkotti yaaddoo hin qabaatinaa” (Filiphisiiyus 4:6).

Yeroo barbaachisaa ta`etti kadhachuu qabna.”Yeroo Pheexroos mana hidhaa keessatti eegamaa turetti, waldaan Kristiyaanaa immoo utuu gargar hin kutin Waaqayyoon in kadhattiif turte” (Hojii Ergamootaa 12:5).

Warra biyya bulchuuf muudamaniif kadhachuu qabna. (Roomaan 13:1-7)

Walii walii keenyaaf kadhachuu qabna. “Yoos dhukkubattii akka fayyifamtaniitti cubbuu keessan walitti himadhaa, waliifis kadhadhaa! Kadhannaan nama qajeelaa waan baayy`ee hojjechuu danda`a” (Yaaqoob 5:16).

Nama dhukkubsateef kadhachuu qabna.”Isin keessaa namni dhukkub-sate jiraa? Inni jaarsolii Waldaa Kristiyaanaa haa waamsifatu, isaan immoo maqaa gooftaatiin dibata dibanii kadhata haa godhaniif, kadhanni amanti-idhaan godhamu kun, isa dhukkubsataa in fayyisa gooftaan isa in kaasa, cub-buu hojjeteera yoo ta`es in dhiisaaf” (Yaaqoob 5:14-15).

Kana malees wantoonni kadhannuuf waan baayyeetu jiru, kanas caaf-fanni baayy`ee jedha, egaa kadhannaan kun Waldaadhaaf, maatiidhaa, lub-buu badaniif, kkf hunda ilaallata.

5. Caaffanni qulqulluu waa`ee kadhannaan irratti akeekkachiisas qaba.

Kristoos akkas jedha, “Yesuus itti fufee “Yeroodhuma kadhattanis akka

warra of argisiisanii hin ta`inaa! Iaan namootatti mul`achuudhaaf maneen sagadaa keessaa fi walga`ii karaa gurguddaa irra dhaabbatanii kadhachuu jaallatu, ani dhuguman isinitti hima, isaan gatii isaanii fudhataniiru. Ati garuu yeroodhuma kadhattu mana keetti ol gali, balbala cufadhu, abbaa kee isa id-doo dhoksaa sana jiru kadhadhu! Abbaan kee inni dhoksaatti argus gatii kee siif in kenna. “Yeroo kadhantanis akka warra saba Waaqayyo hin ta`inii, dub-bii waa`ee hin baafne keessa hin deddeebi`innaa ! Baayyina dubbii isaaniitiif waan isaaniif dhagaa`amu isaanitti fakkaata, akka isaanii hin ta`inaa! Abbaan keessan utuudhuma isin hin himatiniyyuu waan isiniif barbaachisu in beeka” (Maatewos 6:5-8)., itti dabalees, “Namootaaf irra-daddarba isaanii yoo dhiiftaniif, abbaan keessan inni waaqa irraa immoo isiniif in dhiisa, garuu isin namootaaf yoo dhiisuufi baattan, abbaan keessan isiniif hin dhiisu” jedhe (Maatewos 6:14-15).

Yeroo barumsa kan goolabnu Kadhaannaan akka Waaqeffannaa keessattis ta`e akka dhuunfaatti jirreanya keenya guyyaa guyyaa keessatti id-doo guddaa kan qabuudha. Garuu akka Kristiyaanaatti kan gara gooftaatti waammachuu qabna. Kana duwwaaf miti, garuu gooftaanis kan nurraa eega waan ta`eefi.amma Waaqeffannaaan barbaachisaa ta`etti Kristiyaanni mana isaa taa`ee kadhachuu utuu hin taane, akka Kristiyaanaatti kadhachuu, kennaa kennuu, irbaata qulqulluu fudhachuu waan barbaachisuuf waldaa dhaquu dha.Kristiaanni Walitti qabama waaqeffannaa irratti argamu mana isaattis in kadhata., garuu Kristiyaanonni Waaqeffannaa irratti hin argamne mana isaanii keessattis hin kadhatan., yoo godhan illee, gooftaadhaaf amma amanamoo hin taanetti faayidaa hin qabu.

Amantiidhaan kadhadhu- gaafadhu achii booda in fudhattaa. Kadhan-naan human guutuu qaba.

GAAFFILEE

1. Jecha kadhannaajedhu ibsi.
2. Jirenya keenya keessatti qqoda kan qabu maali?
3. Akkamitti kadhachuu qabna?
4. Eenyuuf kadhatama?
5. Yohaannis 9:31, dubbisiiiti ibsi.
6. Cubbamaan maaliif kadhata?
7. Kristiyaana jechuun eenyu?
8. Eenyutu kadhataan Waaqayyotti dhihaata?
9. Cubbamaan kadhannaan in fayyaa?
10. Karaa eenyuu kadhachuu dandeenya?

11. Yesuus maal ta`ee nuuf dhufe?
12. Dhugaa fi hafuuraan kadhachuu jechuu ibsi mee.
13. Kadhannaadhaan Waaqayyoon qoruun in dandaa`amaa?
14. Maali “kadhannaan gooftaa”?
15. Kadhanna kana maaliif hin fayyadamnu?
16. Mee waan nuti kadhannuuf ibsi mee.
17. Eenyu faadha kan nuti kadhannuuf?
18. Akekkachiisa gooftaan kadhannaaf kenne keessaa tuttuqi mee.
19. Kristiyaanni Waldaa dhaquu dhiisee mana isaatti kadhachuu dandaa`aa?
20. Akkamitti kadhanna?

BARUMSA KUDHAN FAARFANNAA

Amantaan Kristiaanaa amantii faarfannaati. Faarfannaan Waaqeffanna keessatti wantoota ta`uu qaban keessaa isa took ta`uu isaa Caaffanni kakuu haaraa in ibsa. qu`annaa kana keessatti , waaqeffanna faarfanna kanaa irratti waan barbaachisoota ilaalla.

Duraan dursa, luqqistoota baayy`ee barumsa kana ibsu kaa`uu yaalla.

1. “Faarfanna galataa erga faarfatanii immoo gara gaara ejersaatti ol ba`an” (Maatewos 26:30).
2. “Gara halkan Walakkaatti Phaauloosii fi Silaas Waaqayyoon kadhatanii faarfatan, warri hidhaman immoo isaan in dhaggeeffatu turan” (Hoji Ergamootaa 16:25).
3. “Akkumas saba Yihudootaa warri hin ta`in, araara isaatiif Waaqayyoof ulfina akka kennaniif hojjetaa isaaniif ta`e, akkuma Caafamee jiru, “Kanaaf-is ani saba Waaqayyo warra hin ta`in gidduutti sin galateeffadha, maqaa kees nan faarfadha” jedha (Roomaa 15:9).
4. “... Ani hafuuraan nan faarfadha, qalpii kootiinis nan faarfadha” (1 Qoroontoos 14:15).
5. “Qooqa garaa garaatiin, faarfanna galataatiin, weedduu hafuuraatiinis wal harkaa fuudhaa ! garaa keessan keessatti faarfachaa galata Gooftaa dhageessisaa” (Efeesoon 5:19).
6. “Dubbiin Kristoos akka badhaadhummaa isaatti isin keessa haa jiraatu, ogummaa hundumaan wal barsiisaa, wal gorsaas, Qooqa garaa garaatiin, weedduu hafuuraatiinis galata garaa keessanii waaqayyoof faarfadhaa” (Qolosaayis 3:16).
7. “Inni “Obboloota kootti maqaa kee nan beeksisa, waldaa keessattis sin faarfadha “jedheera” (Ibroota2:12).

8. “Isin keessaa namni rakkinni itti dhufe jiraa? Inni haa kadhatu ! namni gammadu immoo jiraa? Inni faarfannaadhaan galata haa dhi`eessu” (Yaaqoob 5:13).
9. “Isaan faarfannaa haaraa yommuu faarfatan...”n(Mullata Yohaannis 5:9).
10. “Isaan faarfannaa haaraa fuula teessichaa, fuula uumama lubbuu qaban arfanii fuula maanguddootaa durattis infaarfatu, faarfannaa sana immoo ...” (Mull`ata Yohaannis 14:3).
11. “Isaan faarfannaa Musee garbicha Waaqayyoo, faarfannaa hoolichaas in faarfatu” (Mull`ata Yohaannis 15:9).

Amma egaa fuula Luqqistoota fuula kakuu haaraa keessatti luqqistoonni faarfannaa ilaalchisanii barreeffaman ammanuma. Kanneen waa `ee faarfannaa caafaman kun akka fedhii gooftaa warra ta`anii dha., isaanis ifa warra ta`anii fi ulfina gooftaaf ta`anii dha. Kanaa ol ykn kanaa gadi kan dubbii kana keessa hin caafamne.

Dhaabni amantaa baayy`ee meeshaa muuziqaatiin faarfachuu muuziqa qooqaa meeshaa muuziqa yaada isaaniitiin kan godhaniidha. Kanaaf iyyuu baayy`een dhaaba amantaa meeshaa muuziqaatiin faarfatu, Garuu kan irraatti walii galluu waaqeffannaa keenya keessatti Faarfachhuu ta`ee utuu jiruu, garuu meeshaa muuziqaatiin isa jedhu irratti walii hin gallu. Kanaaf iyyuu gara caaffataatti yommuu deebinu Caaffanni qulqullaa`aan waa `ee kanaa maal jedha? Faarfannaa duwwaa barsiisa moo, meeshaa muuziqaatiin faarfachuun waaqeffadhaa jedha? Meeshaa muuziqa malee faarfachuun in dandaa`amaa? Meeshaa muuziqaatiin ho faarfachuun in dandaa`amaa ? isaan lamaaniin iyyuu faarfachuun in dandaa`amaa ? haa ilaallu.

Duraan dursa Muuziqaan gosa lamatu jiru. Isaanis muuziqa sagalee ykn qooqaa fi meeshaa muuziqa kan tolfameeti. Muuziqaan sagalee qooqa namaatiin kan ta`eedha, jiraataadha, uumama Waaqayyoo irraa kan dhufee dha. Kanaaf iyyuu biyya lafaa irratti muuziqaan bareedaan sagalee ilma nammaa kana. Meeshaan muuziqa immoo faallaa kanaati,meeshaan kun harka namaatiin kan tolfamanii dha. Qabbanaa`aa dha, lubbuu hin qabu, ha-fuura hin qabu, Yaada hin qabu. Meeshaan kun kan sagalee godhatu yeroo namni tokko isa dha`u kirrii isaa yommuu tuqu keessa issatti sagaleen ba`a, akkuma meeshichaatti harka nama biraatiin yoo tuqame sagalee dhageessa. Kana Waaqayyo hin goone, uumaa namaan ta`ee dha, egaa Waaqayyo kamiin filata ree? Barreessaan macaafa Ibrootaa akkas jedha. “Egaa kottaa karaa isaa utuu gargar hin kutin, aarsaa galataa Waaqayyoof in dhiheessinaa ! Aarsichis maqaa isaa beksisuudhaaf wanta afaan keenya keessaa ba`uu dha” (Ibroota 13:15).

Baroota keessatti bebbeekamoon geggeessonni dhaaba amantaa faarfannaa meeshaa muuziqaatiin godhamu hin deggaran turan, garuu akkuma Caaffanni qulqulluu jedhutti faarfachaa turan. Mee jechoota isaanii ilaalla.

1. Joon Weesley: “Mana kadhataa keenya keessatti meeshaan muuziqaa dhaga`amuu ykn argamuu yoo baatanis ani mormii hin qabu” jedha. (Clark`s commentary. Vol.15, page 686.)

2. John Kalvin: “ Meeshaa muuziqaatiin galata Waaqayyoof galchuun, ifaa ibsuu, ixaana aarsuu seera dura sana haaromsuu wajjin tokkuma, kanaaf iyyuu warra cuphhaa, (Baptist)in waan kana aiyuudota irraa ergiftan” jedha. (John Calvin`s Commentary, Thirty-third Psalm).

3. Maartiin luuter:- inni immoo akki jedhee waamu, “Meeshaan muuziqaa mallattoo ba`ali” jedha (McClintock and Strong`s Encyclopedia. Music vol. VI. p. 762).

4. Adaam Klarke:- “Muuziqaa akka Saayinsiitti nan kabaja, nan dinqisiifadhas, garuu Mana Waaqayyoo keessatti yeroo ta`u, nan balaaleffadha, nan jibbas, kuni iddo isaa malee fayyadamuu dha. Waaqeffanna Kristiyaanaa isa jibbisisaakasii keessatti kuni malaammaltummaa dha jedheen mormii koo galmeesseera” jedha. (Clark`s commentary, vol.IV, page 686.).

Hayyoonni macaafa qulqulluu kan biro hedduunis akkasuma meeshaalee muuziqaa makanikaalii waaqeffanna irratti dubbatan mormaanii. Garuu hundi kun eessaa jalqabe? Waldaa Kaatoolikiitii jalqabe, hanga amantii waldaa kaatoolikiitii keessaa ba`etti. Sana booda harki caalaanisaanii muuziqaa makanikaalii of bira fidaniiru.

Namoonni dhaaba amantaa ta`an baayy`een isaanii muuziqaa makaanikaalii akka armaan gadiitti qajeelchuudhaaf yaalu.

1. Daawwit fayyadameera jedhu. Inni dhugaa ta`uu danda`a, garuu wanti yaadachuu qabnu Daawwit kan jiraachaa tureseera biraa jala, nuyi immoo seera biraa jala jirra. waan Daawwit godhe nuti godhoo hin dandeenyu, inni godhe jennee hin goonu. Yoo akkas ta`e wagga waggaat biyya Yeruusaalem dhaqnee Aarsaadhaa Horii qaluu qabna. Kkf. As irratti warri akkas jedhan, makanikaalii uuzaatiif gara Daawwititti deebi`anii “Daawwit godheera” jedhu. Tarii immoowantoota muraasa biro waan Daawwit godhe hin godhan, hin barbaadanis,. Mee kana dubbifadhaa (Yohaannis 1:17, 2 Qoroontoos 3, Ibroota 10:9..kkf).

2. Kan biraa immoo Waaqayyo meeshaa muuziqaa hin qabaatin hin jenne, jedhu. Garuu Waaqeffanna keessatti Waan baayy`eedha hin qabaatin kan inni hin jenne, nuyi garuu hin qabaatinaa ykn hin godhinaa isa inni hin jenne barbaaduu irra, isa inni godhaa jedhe godhoo qabna. Faarfadhaa nuun jed-

he (Efeesoon 5:19), jechi kun sababa isaanii dhaamsa, ykn dhabamsiisa.

3. Kan bira “kana gochuun homaa hin qabu, dogoggoras miti, jedhu:garuu yoo barbaadan mana ofitti, iddo cidha isaaniitti, lafa bashannanaatti fayyadamuu danda`u, garuu waan caaffanni qulqulluu hin jedhin itti dabalanii waan hin abboomamneen waaqeffachuun dogoggora. (Mull`ata Yohaannis 22:18-19).

4. Kan bira “waaqeffanna keenya gargaara” jedhu. Erga in gargaara ta`ee gooftaan maaliif hin abboomin ree? Garuu akkan yaadutti gargaarsa utuu hin ta`in qama Waaqeffannaati. Kun immoo Macaafa qulqulluu kakuu haaraa wajjin kan wal simatu miti.

5. Kan bira “Waaqa irra meeshaan muuziqaa jira” jedhu., caaffanni qulqul-luun jiraachuu meeshaa muuziqaa waaqa irraa hin barsiisu. Utuu barsiisee illee sun ittifayyadamuuf sirrii hin ta`u ture.waaqa irra waan baayy`eetu ji-raata waan waaqa irra jiru amma nuti waaqeffanna irratti fayyadamuu hin dandeenyu.

6. Kan bira “In Jaallanna” jedhu. Fakkeenyaaf ani Keekii, ykn buna, ykn dhugaatii lallaafaa nan jaalladha, kana jechuun waan kana iddo waaqeffanna fuudhee dhaquun qabaa jechuudhaa? Deebisaan isaa Lakkii dha. Nuyi jaallachuu dandeenya, garuu Gooftaan in Jaallataa?

Kanaaf iyyuu guyyaa gooftaa yeroo waaqeffannaadhaaf walitti qabnu, faarfannaadhaan gooftaa galateeffanna. Kunis kan ta`uu qabu dhugaa fi hafuuraan ta`uu qaba., kanaafuu hubannaadhaan qalbiidhaan faarfachuu qabna.akkasumas akka caaffanni qulqulluu barsiisutti faarfachuu qabna. Kana jechuunis faarfannaan keenya muuziqaa sagalee afaan keenya (vocal) ta`uu qaba. kana duwwaa miti faarfannaan Kenya mataan isaa Caaffata qul-qullaa`aa irratti kan hundaa`e qofa ta`uu qaba.

Macaafni qulqulluun faarfannaum gumii barsiisa. Kana jechuun hundi keenya faarfanna (psalm), faarfanna(hymns), fi faarfanna hafuuraa, keessatti sagalee keenya walitti makuu qabna. Karaa faarfanna Kanaan Waaqayyoon galateeffanna, gooftaaf amanamoo akka ta`an wal jajjabeessina, wal ijaarra, Faarfanna akkasii, sagalee fi jeequmsa meeshaalee makanikaaliin kan hidhamne, garuu kabajaa, nagaa fi tasgabbii lubbuu keenyaatiin, sagalee keenya ol kaasuun waloo galataa Waaqa samiitiif faarfachuu akkama nama gammachiisa, nama ajaa`ibas, kana wanti Caalu maaltu jira ree? Kana caala maaltu kaka`umsa ta`uu dandaa`a ree? Wanti Waaqayyo barbaadu isakana.

GAAFFILEE

1. Amantiin Kristiyaanaa maalinni?

2. Luqqistoota amma tokko kakuu haaraa keessa waa`ee Faarfannaa kan barsiisan dubbisi.
3. Isaan keessa waa`een meeshaa muuziqaa Makaanikaalii jiraa?
4. Gosa Muuziqaa lameen ibsi.
5. Muuziqaan sagalee namaa (vocal), maali?
6. Muuziqaa makaanikaalii ibsi.
7. Waaqayyo akkamitti akka isa galateeffannu barbaada?
8. Hayyoota amantaa beekamoo waa`ee muuziqaa yaada kennan maqaa maqaa isaanii himi.
9. Muuziqaa makaanikaaliitiin waaqeffachuun eessatti jalqabe?
10. Waa`ee muuziqaa makaanikaalaatiin waaqeffachuu, yaada namoonni kennaa turan, amansiisuu yaalan maal maalfaadha?
11. Nuyi Maaliif gara Daawwititti deebinee akka isaa meeshaa makaanikaa-liin hin waaqeffannu?
12. Maaltu muuziqaa makaanikaalii waaqeffanna keessatti dhabamsiisa?
13. Muuziqaa makaanikaalaa mana keessatti qabaachuu in dandeenyaa?
14. Kun waaqeffanna irratti akka godhamu in goosisaa?
15. Mullata Yohaannis 22:18-19, dubbisi
16. Waaqa irra muuziqaan makaanikaalaa jiraa?
17. Gooftaan waan jallannu fudhannee Waaqeffanna akka dhufnu in rag-gaasisaa?
18. Gooftaan faarfanna akkamii barbaada?
19. Faarfanna waldaa keessatti godhamu ibsi.
20. Sababoota faarfannaan barbaachisuuf amma ta`e ibsi.

BARUMSA KUDHA TOKKO IRBAATA QULQULLUU (YAADANNOO GOOFTAA)

Amma immoo waaqeffanna irratti waan gochuu qabnu keessaa inni tokko irbaata qulqulluu ykn yaadannoo gooftaa fudhachuudha., Kristoos akka namoonni irraanfatoo ta`an beeka. Kanaaf waan ittiin isa yaadatan waan tokko kaa`ee. Innis yaadannoo isaati. Yaadannoon kunis Irbaata qul-qulluu jedhama.

Utuu gara fuulduuraatti hin deemin dura akkamitti yaadannoон gooftaa kun hundeeffame, isa jedhu haa ilaallu. Amma na wajjin gara. “Utuu Nyaachaa jiranii, Yesuus buddeena fuudhee, eebbisee cabsees bartoota isaatiif kennee, “Fudhadhaa nyaadhaha, kun dhagna koo ti ! jedhe Xoofoos fuudha-tee Waaqayyoof galata galchee, isaaniifis kennee hundumti keessan kanattii dhugaa, kun dhiiga koo ti dhiigni kun kakuu dhaabate sana cimsuudhaaf,

dhiifamuu cubbuu namoota baayy`eetiif dhangala`a” (Maatewos 26:26-28.), Mee Yaadadhu, ammam akka inni salphaa ta`e. Kristoos akka ibsetti Buddeenni sun dhagna isaa iddo bu`uu isaa, innis foon ykn dhagna isaa akka yaadataniif, akkasumas Xoofoo ykn Cuunfaa wayinii fuudhee kenneefii inni immoo yaadannoo dhiiga isaatii ta`uu isaa ibseera. Kristoos akka isa irraan-fatan hin barbaadne kanaaf yaadannoo kana kenne, kunis gatii isa fannoo irratti kaffalame sana akka yaadatamuufi. Kanaaf turban irraa guyyaa isa jalqabaa yeroo hundumaa sammuu keessatti akka yaadatamuuf fudhatama.

Yeroo 1 Qoroontoos 11:20-29, itti deebinee Waan Phaauloos warra Qoroontoosiin jedhu dubbifnu, “Egaa akka isin itti walitti qabamtan kanatti walitti qabamuun, irbaata gooftaa isa qulquulluu nyaachuuf hin ta`u. yeroo nyaataatti hundinuu adduma addaan nyaata fidee dhufee nyaachuutti in ka`a, inni tokko in beela`a, inni kaan immoo in machaa`a, Maali? Mana itti nyaattanii dhugdan hin qabdanii ree? Yookiis Waldaa Waaqayyoo tuffachuu keessanii? Warra homaa hin qabnes yeellaasisuu keessanii? Ani maal isiniin jedhu ree? Isin jajadhuu ree? Ani kana irratti isin hin jajadhu. Barsiifni ani isinitti dabarse, isuma ani gooftaa bira fudhadhe ture, Innis Yesuus gooftaan halkanuma itti dabarfamee kenname sanatti buddeena fuudhee, Waaqayyoon galateeffatee buddeenicha cabsee, Inni isiniif cabe kun dhagna kooti, kanas seenaa kootiif godhadhaa, “ jedhe, Erga nyaatanii booddees akkuma sanatti xooficha fudhatee “Xoofoon kun kakuu isa haaraa dhiiga kootiin dhaab-batuu dha, Yeroodehuma isa keessaa dhugdanitti seenaa kootiif godhadhaa” jedhe, Yeroodehuma buddeena kana nyaattanitti, yeroodehuma Xoofoo kana dhugdanitti hamma gooftaan deebi`ee dhufutti akka inni {namootaaf} du`e in labsitu,. Kanaafis sababii maaliitiif akka dhihaatu utuu gargar hin basin namni buddeenicha nyaatu, xoofoo gooftaa keessaa dhugus dhagna gooftaa dhiiga isaas in yakka. Egaa namni qoree of haa ilaalu! Ergasiis buddeenicha haa nyaatu, xooficha keessaas haa dhugu. dhagna gooftaa ta`uu isaa yaadatee utuu gargar hin basin namni buddeenicha nyaatu, xooficha dhugu, firdii of irratti fiduudhaaf in nyaata, in dhugas” (1 Qoroontoos 11:20-29). Amma jalqaba irratti Phaauloos obboloota Qorotoos akkaataa isaan irbaata gooftaa wajjin wal`aansoo qabaa turanitti ceepha`ee. Kana gooftaan ajajamanii irraa hirmaachuu manna, isaan gara Ayyaana isaan guutamanii fi guutamaniitti jijiiranii turan, Machaa`uu fi dhugaatii dhuguu. Kun tasumaa kan yaadame hin turre. Itti fufee kaayyoo dhugaa isaa fi akkaataan isaan irraa hirmaachuu qaban itti agarsiisuudha. Phaauloos odeeffanno hundumaa Gooftaa irraa akka fudhate isaan yaadachiisa, kunis isaan kana turan.

1. Gooftaan halkan inni itti qabamu irbaata kana hundeesse.

2. Buddeenni sun dhagna cabuu isaa yaadachuu akka ta`e akeeke.
 3. Akkuma yeroo baayy`ee hirmaatu du`a gooftaa hanga inni deebi`ee dhu-fuutti yaadachuu agarsiisa.
 4. Akkuma hirmaate du`a gooftaa hanga inni deebi`ee dhufuutti mul`isa.
 5. Warri irbaata kana utuu hin malleef fudhatan foonii fi dhuuga kristoosiin yakkuu ta`a.
 6. Tokkoon tokkoon isaanii of qoree ergasii fudhachuu qabu.
 7. Warri nyaata hin malle nyaatanii dhugan lubbuu isaaniitti abaarsa.
- Kanaaf iyyuu warri kun qabxiilee gurguddoo inni godhee fi nutis Xiyyeef-fannaadhaan kan qu`achuu qabnuu dha.

Akkuma qu`annaa keenya itti fufneen, wantoota yaadachuu qabnutu jiru.

1. Gooftaan xoofoo qodaa ykn meeshaa tokko keessaa fayyadamaa jedhee hin barsiifne, yeroo tokko tokko gareen namootaa guutuu irbaata gooftaa irraa hirmaachuuf xoofoo qodaa tokko keessaa fayyadamuun akka dandaa`amu goolabu, kanaaf gareen isaanii hundinuu xoofoo tokko keessaa dhuguud-haan xumuru. Tole gooftaan qabiyyee meeshaa keessa jiru malee meeshaa sana cimsee ibsaa hin turre. Amma eenu illee kan barbaachise dhiiga Kristoos yaadachuu dha. Yeroo tokko Kristiyaanni keessummaa warra garuu meeshaa tokko keessaa xoofoo dhugu bira dhaqee, yeroo meeshaa keessaa dhugan itti kennan cuunfaa wayinii sana guutuu dhugee fixe, warri hafan hoo maal dhugu? Namni kun kan isaan yaadachiise isa gooftaan “hunduma keessaa dhugaa” isa jedhu yaadachiise. Kun egaa kan nu agarsiisu namoon-ni waan tokko akka salphaatti ilaalanii yeroo karaa malee hiikkatanii dha. Qodaa ykn meeshaa tokko keessaa garuu hundi dhuguun caaffatas miti, hundumtuu achi keessaa daddabarsanii dhuguun fayyaafis ta`e sababa biraatiifis dhuunfaatti buubuufsani hiruutu irra caala.

2. Irbaata qulqulluu gooftaa hirmaachuun yeroo tokkoon tokkoon namaa turban jirenya isaa darbe keessaa ykn turban muraasa darban keessatti yoo argamuu isaa irratti amanamaa hin taane , of qoree maal kan isaa ta`e ilaaluuf carra kan itti argatuu dha. Haala hafuuraan yoo amma danda`etti gooftaaf amanamaa ta``ee jiraachaa akka jiru arge, itti fufee irbaata gooftaa fudhachuun isaa in ta`a. haa ta`u malee jirenya isaa keessatti cubbuun akka jiru yoo arge dursa irra qalbii diddiirratee sirreeffama barbaachisu gochuu qaba. sana booda irbaata gooftaa irra hirmaachuuf qophii ta`a. garuu hanga dhu-

maatti.

4. Namni tokko of qorachuu dadhabee haala isaa isa hin malle keessa osoo jiruu itti fufee irbaata irraa yoo hirmaate sana booda nyaachuu fi dhuguun isaa abaarsa itti ta`a. dhugaa dha tokkoon tokkoon keenyayyuu hundi keenya cubbuu qabaachuu dandeenya, haa ta`u malee gooftaan akka nuti mudaa hin dhabne beeka, kanaaf yeroo waan dandeenyu hunda hojjennu gooftaan araaramaa dha. Kanaaf bu`uura Kanaan akka hirmaannu jajja-beeffamna. Garuu namni akka dhuunfaa tokkoo kaayyoodhaan, of eegganno malee, ykn dagannoo cubbuu yoo hojjete, irbaata gooftaa irra hirmaachuuq qophaa`u. kana booda sababa irraa hirmaachuu isaatiin alatti hin badu, dhugaan jiru garuu of gowwoomsuuf fi namoota biraa biratti nama nagaa fakkaachuun ta`a. garuu gooftaan beeka waan ta`eef, gooftaaf jecha jirenya isaa sirreeffatee irbaata gooftaa akka hafuuraatii fi akka caaffataatti fudhachuu qaba.

5. Irbaata cufame hin qabnu, kanaaf, kanaaf lakkofsi murtaa`e malee hundinuu akka irraa hirmaatan hayyamuu didu. Macaafni qulqulluun bu`uura of qorannu irratti kaa`u, namni dhuunfaa, kan miseensa waldaa hin taane, irraa hirmaachuu hin qabu. Dhugaa gaafa baree Waaqayyoof ajajamee booda fudhachuu danda`a. yoo utuu hin ajajamin irbaata kara irraa hirmaate gonkumaa achii booda ajajamuu hin danda`u.

Goolabbii kanaa irratti, Hojii ergamootaa 20:7, irratti Kristiyaanonni durii sun guyyaa torbaan irraa isa jalqabaa walitti qabamanii irbaata gooftaa kana hirmaatan. Kanaaf iyyuu nutis akka isaanii godhoo qabna. Garuu torbaan irraa guyyaa isa jalqabaa isa kami? Torbaan irraa guyyaa isa jalqabaa yeroo hundumaa, jechuunis torbaan torbaaniin sanbata guddaa jechuudha. Eenyutu aboo kana siifis anaafis nama kaaniifis akka torbaan irraa irbaata kana hirmaannu eenyutu siif ykn anaaf ykn nama kamiifuu guyyaa jalqabaa addaa torbanii guyyaa gooftaa akka ta`u, kan nuti irbaata gooftaa irraa hirmaannu, akka ta`uuf aboo kenne ? namni qabu hin jiru. Kanaaf akka Waaqayyo dhiisetti haa dhiifnu, sabni isaa turban keessaa guyyaa jaqabaa walitti qabamee waaqeffachuu, irbaata gooftaa hirmaachuuus in dabalata.

GAAFFILEE

1. Eenyutu irbaata gooftaa kana hundeesse?
2. Maatewos 26:26-28, dubbisi.
3. Maaliif irbaata gooftaa hirmaachuun barbaachise?
4. Firiin wayinii dha maal iddoo bu`a?
5. Ergamoonni akkamittiin irbaata gooftaa fudhachaa turan?

6. 1 Qorontoos 11:20-29, dubbisi
7. Warri Qoroontoos irbaata gooftaa fudhachuu irratti maal godhan?
8. Phaauloos waa`ee kanaa maal jedhe?
9. Phaauloos odeeaffannoo waa`ee irbaata qulqulluu eessaa fuudhate?
10. Akkamittiin irbaata gooftaa fudhachuun du`uu fi deebi`ee dhufuu isaa wajjin akka walitti dhufu ibsi.
11. Yoo utuu of hin qorin fudhatan maaltu ta`a?
12. Macaafni qulqulluun waa`ee meeshaa tokko keessaa hundumtuu akka dhugan in barsiisa?
13. Meeshaan xoofoon keessa jiruu fi xoofoon sun garaa garummaa qabaa?
14. Irbaata qulqulluu fudhachuun deebi`ee dhufuu gooftaa wajjin firooma-ma akkamitti qabaata?
15. Mee irbaata qulqulluu fudhachuun eeba keenya ta`uun isaa akkamitti akka ta`e ibsi.
16. Gooftaan nama mudaa hin qabne godhee nu yaadaa?
17. Namni tokko yoo Beekaa cubbuu keessa ta`e irbaata fudhachuun dan-daa`aa?
18. Nuti namootatti irbaata kana fudhachuun akka hin hin qabne himuu dan-deenyyaa?
19. Turban keessaa guyyaa isa kami kan kristiyaanonni walitti qabamanii irbaata kana hirmaatan?
20. Gooftaan enyuuf iyyuu aboo turban irraa guyyaa jalqabaa akka fudhata kenneeraa?

BARUMSA KUDHA LAMA KENNAA

Dhuma irratti, gara Waaqeffanna keessa kakuu haaraa keessatti dhuma irratti waan gochuu qabnutti dhufna, innis kennaadhaan waaqeffa-chuudha., erga macaafni qulqulluun in barsiisa ta`eeti, innis kana. Ganaa namoonni baayy`een barumsa kanaaf beekumsa hin qaban. Kanaaf iyyuu waan macaafni qulqulluun jedhu ilaalla. Kanas duubisa caaffataa keessaa furtuu kan ta`aniin jalqabna.

Mee gara 1 Qoroontoos, haa deemnu. “Waa`ee horii gargaarsa warra amananii Waaqayyoof ququllaan sanaaf bu`u immoo, isinis akkuma ani Waldoota kristiyaanaa kutaa biyya Galaatiyaa abboome godhaa. Erga ani dhufee horii walitti buusuu akka hin barbaachifnetti, Sanbata guddaa, tor-beedhuma tokkoon keessan hamma wal qixxaateef buusee walitti haa qabu” (1 Qorontoos 16:1,2). Fagoo dhaquu keenya dura Luqqisa kana ballifnee

ilaaluu yaalla.

1. Kennaan kun kan ta`uu qabu turban irraa guyyaa isa jalqabaati. Maaliifi? Guyyaan kun guyyaa kristiyaanonne waaqeffannaadhaaf walitti qabaman,, guyyaa kana akka walitti qabamu filatameera.. garuu guyyooni kaan hoo? Waa`ee guyyoota kaanii kennaal ilaachisee wanti jedhame hin jiru.akka ab-boommii kanaatti guyyaa turban irraa isa jalqabaa kun raawwachuu qaba. bara kana garuun dhaaba Amantaa baayy`een yeroo walitti qabaman hundumaa horii buusu, yoo guyyaa guyyaan illee kan walitti dhufan ta`e guyyaa guyyaan walitti qabu. Akka caaffanni ibsetti Waldaan Kristoos waaqeffannaadhaa turban irraa guyyaa isa jalqabaa walitti qabamu, miseen sonnis guyyaan kun guyyaa waaqeffanna keessaa tokko kan ta`e kennaan kennamu ta`uu beeku.

2. Kristiyaanni hundinuu akka kennaan irraa eeggamu beeku.kana egaa utuu guyyaan hin ga`in kanaaf qophaa`u.gooftaan sabni isaa utuu waan tokko illee hin argatin akka kennan irraa hin eegu. Garuu yoo argatan akka kennan yoo argatanii kennuu baatan cubbuu akka itti ta`u dha.

3. Akka argataniin mana kaa`anii guyyaa waaqeffanna kennu. Bra sana horii (beeyilada), kuduraa, ykn waanuma qaban irraa kennu, horii maallaqas in kennu. Amma bara kana garuu yeroo hundaa kan kennamu horii (mallaqa) dha., namoonni baayy`een wanti argata kaashii mallaqaa waan ta`eef turban irraa waan argatan sana irraa kennu, haa ta`u malee kuni kan murtaa`u akka haalaatti, akka naannoo jirenyaatti murteeffama, ammas taanaan oomisha qaban irraa kan kennan jiru.

4. Akka isaaniif walqixxaatetti kennu. Kana jechuun akkaataa arganna isaaniitti kennu jechuudha. Garuu waan argatan rraa meeqa kennu? Inni akka isaan murteessanii dha, ammas bara kanas akkasuma. Kakuu haaraan waa`ee kurnoo ykn kudhan keessaa tokko baasuu isa jedhu hin barsiisu. Kana irra garuu kudhan keessaa tokkoo ol kennuu in danda`u, sababni isaa nuyi seera isa duraa caalaa wayyaa ta`e jala waan jirruuf, isa Yihuudonni kennan caalsifnee kennuu dandeenya.. egaa erga Seera irra caalu jala jiraannee maaliif kennaa is asana irra caalu hin kenninu ree? Biyya Eeshiyaa namni hundi kennuu barbaadu garuu yeroo baayy`ee waan xinnoo dha. Yeroo tokko tokko kennuu danda`u ta`uu danda`a, garuu carraa hundumaa keessatti, hundi isaanii isaan caalaa baayy`ee kennuu danda`u, akkasumas namoonni eeshiyaa maallaqa siniiamaa, fi wantoota biro hedduu akka baasan hubadhah, namoonni kun warra biyya lafaa ta`uu isaanii nan hubadha, garuu wantoota kanaaf maallaqa yoo qabaattan, qarshii keessan maal itti goota? Akkasuma muraasa isaa waan akkasii irratti ykn waan kana fakkaatan irratti fayyad-

amaa jirtu ta`a. eeyyee asittilee waan hojjennu caalaa baayy`ee hojjechuu dandeenya, gooftaanakkuma badhaadhina arganne kennuu qabdu jedha. Waan kennuu qabdu in beekta. Garuu carraa hundumaan gama saantimaa osoo hin taane mallaqa Waraqaa kennutiin ta`uu qaba. haala tokko keessatti, gariin keessan mallaqa waraqaa sana keessaa xiqqoo gaarii ka nisin yaaddan caalaa kennuu dandeessu ta`a, garuu ammam akka kennitan ani isinitti himuu hin danda`u, atis natti hin himtu, garuu waan ati qabdu kan beeku Gooftaadha waan ta`eef, gooftaaf amanamaa taanee caalaatti amma kennuu jalqabuu qabna.kana irratti walii hin galluu?

5. Yeroo inni dhufu walga`in tokko illee akka hin jiraanneef itti fufanii kennuu qabu turan. Jechuunis gorsa isaa osoo hordofanii yeroo inni dhufu wanti hundi dursee kunuunfameefedhii harka isaa jiru kunuunsuuf itti fufuu danda`a ture, harra`as kanuma, yoo akka gooftaan yaadetti kennine sana booda hojii gooftaa itti fufuuf mallaqa barbaachisu in qabaanna. Amma waldaa dhaabbolii amantaa biyya lafaa keessa baayy`een isaanii barsiisa kana hin hordofan, kanaaf yeroo hundaa maallaqa kadhachaa jiru, ofii kennuu dhiisanii kadhatu. Boodas gariin gara biyya lafaatti ba`anii gargaarsa kadhatu, garii isaanii barruulee ykn kitaaba gurguru, gariin isaanii baazaarii gosa adda addaa qopheessu, akka konsertii bashannanaas in uumu, gooftaan garuu fedhiin waldaa akka kunuunfamuuf sabni isaa akka kennan ajajeera. Kun akkaataa gooftaan itti hojjetu waan ta`eef, kanaa ala fooyya`uu hin danda`u.

Kan bira haala kennaa ilaachisee kan ilaallu, Qoroontoos 2ffaadha. Akkas jedha, “Namni harka isaa utuu hin guutin facaasu, harka isaa utuu hin guutin in galfata, namni harka guutee facaasu immoo harka guutee in galfata, namni adduma addaan garaa duuba yookiis giddiidhaan utuu hin ta`in, akka garaa isaatti murtoo godhetti kennutu isaaf ta`a Waaqayyo nama gammachuudhaan kennu in jaallata” (2 Qoroontoos 9:6-7). Mee Luqqisa kana haa ilaallu.

1. Akki inni jedhuakkuma facaafnetti ammuma sana galfanna jedha.yoo xinnoo facaafne xinnoo galfanna, garuu yoo baayy`ee facaafne baayy`ee galfanna, egaa wanti kunMaasi qotee bulaa keessatti sirrii dha, daldalummaa keessatti, haala jireenyaa kam iyyuu keessatti in hojjeta. Ammuma itti hojjennu arganna. Namoonni baayy`een homaa iyyuu hin argatan sababni isaa homaa iyyuu hinachi keessaa hin keenye. Waldaadhaaf utuu hin kennin Waldaa irraa waa eeguu hin dandeessu. Yeroon namoota tokko tokko warra dubbi waaqayyoo irratti amantii hin qabne argu nan yeellaa`a, garuu mee haa yaallu. Yoo akka jedhametti baayy`ee facaafattan baayy`ee akka galfat tan amantii guutuun qaba.

2. Akki inni jedhu, namnni kam iyyuu akka garaa isaa keessatti murtoo godhetti haa kenuu jedha. utuu mana waaqeffannaa hin dhufin waan kennuu qabnu sammuu keenya keessatti yaadna. Kana inni Phaauloos jedhu, waan yaadne sana kennuu jechuudha. Amma namni tokko si biraan kennee atis akka isaa kennitutti hin eegin. Ati amma kennuu qabdu murtoo godhi, waan murtoo goote sana immoo kenni.

3. Akki inni jedhu namni tokko illee hin giddisiifamin ykn giddiidhaan hin ta`in jedha. Akka waan namni si giddisiisuu tokkotti hin fudhatin, ykn hin yaadin. Yoo kennaan ke, utuu waan tokko bituu yaadduu garuu garaa duuba kennite, kennaan ke sun akkasumaani, gatii hin qabu, gammachhuudhaan akka gooftaan ajajetti miti waan ta`eef.

4. Namni tokko kennuutu narru jira jedhee kennuu hin qabu, gooftaan akka waan dirqamaan kennituutti akka ta`u hin barbaadu.

5. Inni kan jedhu garuu Waaqayyo Warra gammachuudhaan kennan jaallata. Akkamitti akka kennitu barbaada? gammachuudhaan garaa guutuudhaan akka kennitu barbaada, isa kennitu sanatti dura gammaduu qabda. Nuyi yeroo hundumaa warra akkasitti kennan ta`uu qabna.

Amma egaa barumsa keenya kan cufuudhaaf, waan gooftaan jedhe yaadachuu qabna.”...Fudhachuu irra kennuutu caalaa nama gammachiisa” jedheera. (Hojii Ergamootaa 20:35).namoonni tokko tokko isa akkas jedhu kana galagalchanii, “isa kenuu Caalaa isa fudhatutu nama gammachiisa” jedhanii dubbisuun baayy`ee na leeyyaasisa. Maaliifi? Sababni isaas baayy`een keenya quuqama kan qabnu ofittoo waan taaneef, kanaaf Waaqayyoon isa sirrii ta`e irraa hanna, saamna. Waaqayyo dammaqnee akka dammaqnuu fi akka fedhii isaatiitti dhugaa jiru kanaaf gara isaatti deebinee dhugumaan kan isaa kan ta`e akka deebisuu jalqabnu nu haa gargaaru.hanga Akka Caaffata qulqullaa`ootti kennuu amma barannutti Gonkuma gosa Kristiyaanaa ta`uu hin dandeenyu.

GAAFFIILEE

1. Waa`ee kennaa Macaafni qulqulluun in barsiisaa?
2. Namoonni baayy`een amma kennuu qaban kennuu?
3. 1 Qoroontoos 16:1, 2, dubbisu.
4. Guyyaa Kristiyaanoni walitti qabamnii kennuu qaban yoomi?
5. Guyyaan biro hoo maali?
6. Warri garee dhaabbata Amantaa horii kan walitti qaban akkamitti?
7. Krristiyaanni hundi kennuun irraa eeggamaa?
8. Yoo warri kaan hin kennine hoo?

9. Turban darbe homaa hin arganne yoo ta`e gooftaan akka kennan irraa in eegaa?
10. Yoo turban darbe horii argataniiru ta`e gooftaan akka kennan irraa eegaa?
11. Maal kennuu qabu?
12. Hangam kennuu qabu?
13. Kakuu haaraan kurnoo (kudha keessa tokko) kennuu in barsiisaa?
14. Maaliif kurnoo ykn kudhan keessaa tokkoo ol kennina?
15. Namoonni yeroo baayy`ee horii waan barbaadaniif in argatuu?
16. Gooftaadhaaf caalaatti godhoo maaliif barbaachisa?
17. Waan Kristiyaanoni kennuu qabaniif ibsi.
18. Gareen dhaaba amantaa horii argachuudhaaf maal faa godhu?
19. Inni kun dhuguma akka gooftaan akka namoonni godhan barbaaduu dha?
20. 2 Qoroontoos 9:6-7, dubbisi.
21. Mee fakkeenya facaasuu fi galfachuu ibsi.
22. Maaliif baayyeen keenya baayy`ee hin galfannu?
23. Akkuma wal nu qixxatetti kennuu jechuun maal jechuudha?
24. Gooftaan giddiidhaan ykn garaa duuba akka kenninu in barbaadaa?
25. Waaqayyo warra akkamitti kennan jaallata?
26. Eenyutu “Fudhachuu irra kennuutu caalaa nama gammachiisa “ jedhe?
27. Kristiayaanoni irra caalaan yeroo itti kennan ibsi.

BARUMSA KUDHA SADII WALGA`II WAAQEFFFANNAA IRRATTI ARGAMUU

Wanta nama gaddisiisan keessaa dogoggora Kristiyaanoni godhan keessaa inni tokkoo kufaatii waaqeffannaaf Waldaa dhaquu dhabuu isaaniti. Akkamitti namni tokko amanamummaadhaaf abdii qabaata yoo obboleewwonii wajjin gumii ta`ee waaqeffachuu baate? Qabxiin jiru, haala akkasii keessatti amanamaa ta`uu hin danda`u.

Namoonni dhaaba amantaa irra caalaan waggaatti yeroo lama waaqeffannaaf godhu, innis Ayyaana Faasikaa fi Krisimaas (ganna), kanneen laamaan iyyuu dubbii Waaqayyoo hin barsiisu. Garuu namoonni gooftaa gammachiisuuf wanti barbaachisaa ta`e kana qofa jedhanii of gowwoomsaa kan jiran baayy`ee dha. Isaan kun Gooftaan eenyu jedhanii yaadu? Garuu yeroo mana keenyatti dhihaannu, miseensonni waldaa baayy`een isaanii yeroo muraasaaf waaqeffanna irratti argamu, sababa tokko tokkoo dhiheessuudhaan, hafu, hojji isaanii,fageenya , kanaa fi sana, fii waan biraatiin qabamnii waaqeffanna irratti yeroo baayyee hin hirmaatan. Garuu gaaffin jiru gooftaan sababoota kana in fudhataa? Namoonni kun akka kristiyaanaatti

waan barbaachisu irratti hirmaatanii, garuu waaqeffannaa irratti hin hirmaatan gama biraatiin waan hojjechuu barbaadan itti fufuu danda`u, fageenya utuu hin ilaalin gara hojii isaanii deemuu danda`u, fi kkf.

Warri hirmaachuu dadhaban tokko tokko yeroo baayyee yaada kana qabatanii dhufu. “Garuu kadhanna koo mana kootti qaba” jedhu. utuu gooftaan issa kana qofa barbaada ta`ee gaarii dha. Haa ta`u malee addatti sabni isaa torbanitti guyyaa isa jalqabaa akka walitti qabaman gaafateera, kana gochuudhaan kadhachuu qofa utuu hin taane, qu`achuu, faarfachuu, irbaata gooftaa irraa hirmaachuu, fi qabeenya isaanii irraa kennuu qabu. Amma warra mana keessatti ofumaan waaqeffachuuf yaalaniif gumaacha isaanii eenyuuf laatu? Irbaata gooftaa hoo? Lakkii, namoonni dhuunfaa kun irra caalaan isaanii waaqeffannaa Gooftaa isaanii keessatti kadhanna caala gonkumaa akka hin arganne mirkanaa`aa dha. Yoo hanga gahaan garuu waaqayyoon kadhachuu qofa utuu hin ta`in wanti waaqeffatan akka jiru barsiifamuu qabu.

Dhugaadha yeroon Kristiyaanonni haala qophiidhaan gufachuu dandaa`an kan akka dhukkubsachuu, fi wantoota biro tajaajila waaqeffannaa irratti akka hin argamne isaan taasisu jiru. Haala kana keessatti namni tokko akka hin argamneef sababa hin dhiyessu garuu sababa qaba.

Garuu amma mee waan yaadachuun nuuf ta`u, dubbiin Waaqayyoo waa`ee kanaa maal akka jedhu ilaalla, “Inni abdii nuuf kenne amanamaa dha, kanaafis kottaa abdii keenya beeksisuutti jabaannee in qabamnaa, jaalla argisiisuudhaaf, waan gaarii hojjechuudhaafis kottaa tuttuqnee yaada walii in kaafnaa, Akka jara tokkootti amala ta`e, nuyi walitti qabamuu keenya hin dhiifnu guyyaan gooftaa dhi`aachaa akka adeemu in argitu, kanaaf ittuma caalachifnee waljajjabeessina. Nuyi dhugaa hubanne erga beeknee booddee, jaallannee beekaa cubbuu yoo hojenne, aarsaan sababii cubbuutiif dhi`aatu si`achi hin jiru. Firdiinii fi ibiddi hinaaffaa inni warra waaqayyoon morman gubu garuu sodaadhaan eeggatamaa jira” jedha (Ibroota 10:23-27). Mee ijoo qabxiilee kanaa haa ilaallu.

1. Isa amanamaa nu fo`ate sanaaf amanamotoa taanee dhihaachuu qabna.
2. Waan gaarii hojjechuudhaan walii walii keenyaaf godhuu qabna.
3. Waaqeffannaa keenya ofii keenya dhiisuu hin qabnu, bara baayy`een dhisaniiru, bara kanas kan dhiisan jiru, kun garuu fedhii gooftaa miti.
4. Walii walii keenya kakaasuu qabna, walii jajjabeessuu qabna, kanas walga`ii waaqeffannaa guyyaa gooftaa irratti argamuudhaaf. Waan akkasii hojjechuudhaaf of qopheessuu qabna, kanas gochuudhaaf torban guutuu qabna.
5. Dhgaa erga barannee booda fedhiidhaan cubbuu yoo hojenne, kana booda

aarsaan nuuf kaffalamu akka hin jirre, firdii fi abaarsa malee wanti hawwiin eeggannu akka hin jirre yaadachuu qabna. Jechuunis kaayyoodhaan walga`ii irratti argamuu fi wantoota nuti akka qabnu beeknu raawwachuu yoo dad-habne akkamitti nu fayyisuu danda`aa ree? Kanaaf akkasitti jiraachaa yoo itti fufne ni badna.

Kun hundi egaa kan jechuu barbaade Gooftaan yeroo hundumaa akka waaqeffannaa irratti hirmaannu, akka waldaatti argamnu nurraa eega., kun immoo dhimma isa cimaa fi hammaataa dha jechuun yoo hirmaannaa kan irraa kufne. Garuu gooftaan maaliif akka kana goonu barbaada? Maaliif walga`ii irratti hirmaanna? Kanneeniif sababa baayy`eetu jiru. Mee amma tokko ilaalla.

1. Sababni isaa kana akka goonuuf fakkeenyaanis Abboommiidhaanis baranneerra. Darbees Ibroota 10:25, irratti dubbifneerra, kanas akkeekkachiisa walitti qabamuu dhiisuu akka hin qabne. Hojii Ergamootaa 2:42 akka Kris-tiyaanonne durii sun walitti qabamanii waaqeffatanis dubbifneerra, akkasumas Hojii Ergamootaa 29:7, Akka Phaauloos Xroassitti Kristiyaanota wajjin guyyaa turban irraa isa jalqabaa walitti qabamn waaqeffatan argineerra. Nutis akkasuma gochuu qabna.

2. Waaqayyoon waaqeffachuudhaaf waldaatti walitti qabamuu qabna. Kris-toos akkas jedhee nutti himeera, Waaqayyo warra dhugaan isa Waaqeffatan barbaada, Waaqayyo hafuura waan ta`eef,, kan waaqeffatanis dhugaa fi ha-fuuraan akka ta`u himeera. (Yohaannis 4:24).

3. Gooftaan akka yaadannoo isaa irbaata qulqulluu hirmaannuuf walitti abamuu keenya in barbaada. Phaauloos, Akka isa irraa dhaga`etti yaadan-noo gooftaatiif buddeena cabsachuu, aakuma dhagna isaa ta`e dhiiga isaa iddo kan bu`e immoo xoofoo keessaa hirmaachuu nutti himeera (1 Qorontoos 11:24,25,). Egaa yoo Waaqeffannaa irratti hin hirmaannu ta`e akkamitti yaadannoo isaa fudhachuu dandeenya ree?

4. Kennaa waan arganne irraa kennuudhaaf guyyaa Waaqeffannaa walga`ii irratti argamuu qabna, kanas gara 1 Qoroontoos 16:1,2, akka Phaauloos jedhu guyyaa turban keessaa isa jalqabaa kana gochuu qabna. Yoo walga`ii irraatti hin argamnu ta`ee kennaan keenya akkam ta`a? dhugaatti yoo dhukkubaan hafne turban isa itti aa`anutti kennuun in dandaa`ama. Garuu baayy`een warri hafuu dhaan walitti aa`ansanii beekkaman, carraa gurguddoo dhabu-un isaanii itti gaafatama kabajaa waaqeffannaa dhiisuutiin qabamuu dha.

5. Gooftaan walga`ii waaqeffannaa irratti akka nuu wajjin ta`u abdii nuuf kenneera.”Iddoo namoonni lama ykn Sadii maqaa kootiin walitti qabam-an, achitti isaan gidduutti nan argama” (Maatewos 18:20),, kun duwwaan

iyuu waaqeffannaa irratti akka argamnu nu taasisa , sababni isaa gooftaan achitti argama. Yoo ministeerri mummichaa ykn Namni baayyee kabajamaa fi beekkamaa tokko achitti argama jedhame hin dhaqnuu? Garuu Gooftaa mataa isaatu achittin argama jedhe, isinin qunnamu nuun jedhe yeroo tokko duwwaa miti yeroo hundumaa, dhugumatti erga inni akkas jedhe achitti argamee carraa kana dhabuu hin qabnu.

6. Yeroo hundumaa walga`ii waaqeffannaa irratti argamuu qabna.sababni isaa, warra maatii keenyaaf, warra jaallannuuf, hiriyoota keenyaaf, uummata biyya lafaatiif illee fakkeenya taana, warra nu ilaala jirantu jiru, isaan fakkeenya keenya hordofuuf nu ilaala jiru,qajeelfama keenya barbaadu, kallattii sirrii ta`een gooftaa mulli`isuu qabna. Fayyinni isaanii gocha keenya irratti hundaa`a, kan nuti hubannu caalaa nu eegu, Phaauloos akkas jedha “ Isinis fakkeenya keenyaa fi fakkeenya gooftaa duukaa buutaniittu, yoo baayy`ee rak-kattan iyyuu, gammachuu hafuura qulqulluu biraa dhufuun dubbicha fud-hattaniittu, Kanaan isinis amantoota warra Maqadooniyyaa fi warra akaayyaa hundumaaf fakkeenya taatan.” (1 Tasaloniiqee 1:6-7). Namoonni yeroo nu hordofan dhugaa keessatti Kristoosiin duukkaa akka jiraatan fakkeenya akkasii ta`uu dandeenyaa? Nutiakkas ta`uu qabna, amma karoorfachuu qabna walga`ii hundumaa irratti argamuuf yeroodhaan achi gahuu, kabajaan qabachuu fi dhugaadhaan gooftaa waaqeffachuu qabna.

7. Kan walitti qabamnee waaqeffachuu qabnuuf gumii keenyaaf, guddina hafuuraatiif dhuunfaattis ta`ee gamtaadhaan. Yoo miseensonni walitti hin qabaman ta`e ummata sana ykn magaalaa sana keessatti akkamiin baayyiini dhufa ree? Waitti qabamuu walitti dhufuun hin jiru taanaan miseensi iyyuu walii walii isaanii hin beekan, cimina isaanii beekuu hin dandaa`an, hojidhaaf karoorfachuu hin dandaa`an, walis gargaaruu hin dandaa`an, wal jajjabeessuuus hin dandaa`an, karaa biraatiin hojiin waldaa baayyeen, cimina isaa, mlkaa`ina isaa, kkf kan irratti maxxanu walga`ii waldaa irratti., dhugumatti waldaan waan kana hin qabne du`aa jirti., kanaafi egaa kan ati kakuu haaraa keessatti waa`ee walitti qabamuu walga`ii kan dubbistuuf, kanas Phaauloosii fi obboleeyyan eessa iyyuu yoo dhaqan yeroo hundaa kan wal qunnaman waldoollii naannoo jiranii wajjini. Kana malees yeroo ari`atamuu illee miseensonni bittinnaa`an sun carraa walqunnamuu walga`ii argachaa turan akkanumatti harra`a nutis yeroo hundumaa walga`ii irratti argamuuwaaqeffachuu fi hojii nurraa eeggamu hojjechuu qabna.

Kanneen egaa sababoota jiran keessaa xinnoo dha, garuu hubadhaa argamuun keenya yaada ji`atti al tokko ykn darbee darbee qofa deemuu dandeenya kan jedhu irratti hundaa`uu akka hin qabnee dha, garuu yeroo hun-

dumaa turban torbaniin ykn yeroo Waldaan walga`uudhaaf barbaachisaa ta`ee argine hundatti walga`uu qabna. Caaffanni akka jedhutti “Walitti qabamuu keenya hin dhiifnu” jedha kun egaa Waga`ii hundumaa dabalata. Gooftaa akka amanamummaadhaan caalaatti walga`ii waldaa irratti yeroo hundaa argamnu nu haa gargaaru. yoo nuyi karaa kanaa irratti amanamoo taane akkasuma karaa biraas amanamoo taana.

GAAFFILEE

1. Maali dogoggora Kristiyaanaa keessaa wanti baayy`ee nama gaddisiisu?
2. Kristiyaanni amanaa ta`ee garuu Walga`ii waaqeffanna dhaquu dhiisuu dandaa`aa?
3. Maali Waaqeffannaan dhaabni amantaa waggaatti yeroo lama godhan?
4. Mee Sababoota warri Waldaa irratti hin argamne kaa`an ibsi.
5. Kristiyaanni Waldaa irraa hafee mana isaatti waaqeffachuu in dandaa`aa?
6. Kristiyaanni dhugaan kana in godhaa?
7. Yoomi kan Kristiyaanni Waaqeffanna irraa hafuuf sababa qabaatu?
8. Sababa gahaa nama anbisu isa jedhu ibsi.
9. Ibroota 10:23-27 dubbisi.
10. Gooftaadhaaf maaliif amanamoo ta`uu qabna?
11. Walga`ii waaqeffanna dhiisuu jechuun maal jechuudha?
12. Kristiyaanonniakkamiin walii walii waaqeffanna wal yaadachiisu?
13. Guyyaan Ibroota 10:25 jedhu kami?
14. Warra beekaa cubbuutti kufan maal ta`u ibsi.
15. Mee Sababa hanga tokkowalga`ii waaqeffanna irratti argamuu ibsi.
16. Mee waan lama kan Kristiyaanonni durii sababa walgaaniif ibsi.
17. Maali kaayyoon dhugaa waaqeffanna irratti argaman?
18. Dhuguma waaqeffanna irraa kufnee Kristoosiin yaadachuu dandeenyaa?
19. Yoo waaqeffanna irra hafne waa`ee kennaa keenyaa maal godhoo qabna?
20. Eenyutu yeroo Waaqeffanna isinii wajjinan jira jedhe?
21. Yoomi kan goofaan nu wajjin jiraatu?
22. Waa`ee waaqeffanna irratti fakkeenya barbaachisaa kan ta`e irratti mari`adhu.
23. Walgai`in waaqeffanna maal irratti hundaa`a?